DAMMADAAMUU

kitaaba SAAYKOLOJII

Atis Injifachuu Ni Dandeessa!

Kan Hiike
Hinseenee Makuriyaa(M.A)

Scanned by CamScanner

Guyyaa 15/7/2011/2019

00878108

DAMMADAAMUU

Kitaaba Saaykolojii

Library and Information Center
METTU UNIVERSITY

Sikila Geleta
Mau...

Atis Injifachuu Ni Dandeessa!

Barreessitoonni
Shaamii Suukii
fi
Joorji Shiin

Kan Hiiike
Hinseenee Makuriyaa (M.A)

Scanned by CamScanner

©Hinsene Mekuria.

Mirgi Seeraan Eegamaadha.

Maxxansa Jalqabaa, 2005/2012.

Maxxansa 2ffaa, 2006.



Scanned by CamScanner

KITAABA 1ffaa
DAMMADAAMUU

Library and Information Center
METTU UNIVERSITY

Mata Duree **Fuula**

Seensa..... VII
Ittiinlixa (Prologue) IX
1. Sirriitti akeekkadhu 11
2. Loltoota mataa ofii 14
3. Milkaawwiif dharraa qabaachuu 15
4. Of onnachiisuu/Kaka'umsa qabaachuu 17
5. Kutannoo 19
6. Ofirratti amantii qabaachuu 21
7. Gootummaa 23
8. Seexaa Qabaachuu 25
9. Beekumsa 27
10. Obboroodhaan eegaluu 29
11. Murteessuu 31
12. Qophii 32
13. Waan xixxinnoof xiyyeeffannaa kennuu 34
14. Yaada guutuudhaan waan tokko irratti xiyyeeffachuu ... 36
15. Hojimaata yookiin gochaa 37
16. Sabrii 39
17. Sirnaan waa gurmeessuu 41

Scanned by CamScanner

18. Of to'achuu 43
19. Fayyaa 45
20. Quunnamtii gaarii 47
21. Fedhii hunda irra caalanii mul'achuu 49
22. Dandeettii waa uumuu 51
23. Maallaqa 53
24. Iriyaa gaarii 54
25. Ayaata (Amala Gaarummaa) 56
26. Amala 58
27. Hariiroo namoota waliinii 59
28. Mamiloota kee kunuunsi 61
29. Sadarkaa irra geese gamaaggamuu 63
30. Of beeksisu 64
31. Milkaawwii faarsuu 66
32. Fageessanii ilaaluu 67
33. Kufaatii irraa baruu 68
34. Mataa kee mararfachuu 70
35. Ilaalcha gaarii 71
36. Kaayyoo ofii deebi'anii ilaaluu 73
37. Yeroo hundumaa fooyya'aa adeemuu 75
38. Gantoota irraa ofi eeggadhu 77
39. Dhibaa'ummaa 78
40. Sodaa 79

Scanned by CamScanner

41. Utuu baay'ee itti hin yaadiin waa hojjechuu 81
42. Miira gad aantummaa 82
43. Miira ol'aantummaa 84
44. Aarii 86
45. Cinqii/dhiphina 88
46. Jarjartii 90
47. Hojii ofiitti quufanii jijjiiramaaf ijibbaachuu dhabuu 91
48. Hireen kiyya dursee murtaa'ee jira jedhanii amanuu 92
GUDUNFITUU 94

KITAABA 2ffaa

OGUMMAA JIREENYAA (1-29) 99

Scanned by CamScanner

SEENSA

Dandeettii nuti uumamaan qabnu caalaatti akkaataa nuti dandeettii yookiin beekumsa qabnutti fayyadamnutu galma ga'iinsa jireenya keenyaa murteessa. Namni tokko barnootatti dandeettiifi beekumsa isaatiin baay'ee kabajamaa ta'ee, gama biraatiin garuu ilaalchiifi hubannaan inni uummataafis ta'e naannoo isaaf qabu qajeelaa yoo hin ta'in namni kun qabsoo jireenyaa keessatti injifachuun isaa shakkisiisaadha.

Umuriin ijoollummaa yayyaba (foundation) caasaan jireenya nama tokkoo irratti ijaaramuudha. Yayyabichi yookiin bu'uurichi jabaadha taanaan jireenya miidhagduu fulduraatiif abdiidha.

Jireenyaafis ta'e namootaaf ilaalcha gaarii qabaachuun waanuma battala tokkotti namaa wajjin wal fudhatu miti. Ijoollummaa irraa jalqabee nama keessatti facaafamutu irra jiraata. Kanaafis maatiin ijoolleen isaanii yaadqalbiifi ilaalcha qajeelaadhaan akka guddatan gochuu qabu. Waanti namni tokko bor ta'uu barbaadu, yaadqalbiifi ifaajjii isaa har'aa irratti kan hundaa'u ta'un immoo eenyuufuu ifa ta'uu qaba. Kitaabni "**DAMMADAAMUU : Atis Injifachuu Ni Dandeessa!**" jettu kun yaada, booree kakaastu baay'ee qabdi. Kitaaba ogummaa (wisdom), namoota sadarkaafi umuriin utuu adda hin baasiin hundumaaf gorsa galaa jireenyaa ta'u kennituudha. Namootni milkaa'anii jireenyaa gammachiisaa ta'e jiraachuu barbaadan kitaaba kana akka qajeelchitu jireenya isaaniitti fudhachuu qaban. Kitaaba muuxannoo jireenyaa irratti

Scanned by CamScanner

bu'ureeffamtee barreeffamte waan taateef kanneen milkaawwiin dharraa isaanii ta'ef "**DAMMADAAMUU**"n dhadhaabbata imala isaanii akka taatu hin shakkisiisu.

Scanned by CamScanner

የቤተ-መጻሕፍትና
አልሚ ጥበብ ማዕከል
Library and
Information
Center
MEKELLE UNIVERSITY

Ittiinlixa (Prologue)

Qabsoo jireenyaa akka itti mo'u nama beekuuf jireenyi dhangaadha.

Namni dachee kana irratti dhalatè kamiyyuu mul'ata mataa isaa qaba. Mul'atni, jireenya keenya bareecha. Namni tokkoon tokkoon dachee kana irra jiru jireenya gammachiisaa ta'e jiraachuun hawwii isaati. Jireenyi dhala namaa dinqisiisaadha/maadeeffachiisaadha. Garuu immoo jireenya dinqisiisaa ta'e kana hundi qixxee hin dhandhamatu. Namni tokko jireenya keessatti bakka yaade akka hin geenyeef wantoonni gufuu itti ta'an hedduudha.

Namootni tokko tokko waan guddaa yaadanillee rakkoo gama fayyaa isaaniitiin qaban irraa kan ka'e bakka akeekkatan ga'uu rakkatu. Kaan immoo maallaqa dhabaan waan hawwe utuu galmaan hin ga'in barri isaa godaana. Kophummaadhaan kan ka'e bakka yaada isaanii utuu hin ga'in kan hafanis wacaqa/danuudha. Hunda irra kan nama gaddisiisu immoo namootni jireenya isaaniitti mul'ata hin qabne baay'eenis addunyaa kana irra kan jiran ta'uu isaaniiti.

Haala waggoota digdamaafi digdamii shan dura ture irra jireenyi har'aa wal'aansoo jabaadhaan kan takaalameedha. Daran xaxamaa deemuutti kan jiru ta'uun isaa immoo waan ifatti mul'atuudha. Kanaaf, baay'ee keenyaaf jireenyi qabsoo hamtuu ta'ee jira yoo jenne kijiba miti. Raayyaan waraanaa, jireenya keenya akka moonu nugochuu danda'u keessa keenya jira. Qabsoo jireenya irratti oofamu kana mo'uf egaa raayyaa nu keessa awwaalamee jiru kana beekuu qabna. Rakkoon baay'ee keenyaa garuu raayyaa injifannoo nu

Scanned by CamScanner

gonfachiisuu danda'u nu keessa jiru beeknee sirriitti itti fayyadamuu dadhabuu keenyadha.

"Qabsoo jireenyaa akkamittiin injifachuun danda'amaa?" Kitaabni kun gaaffii hamootni garaagaraa hooggayyuu gaafatan kanaaf deebii kenniti. Kitaaba **"Atis injifachuu ni dandeessa!"** jettu kana erga dubbistee booda nama kan biraa akka taatu hin shakkiin. Kitaaba kana dubbisuuf kaka'un kee mataa isaatti fedhii ati jireenya kee guutuumaan guutuutti jijjiiruuf qabdu agarsiisa. Kitaabi kun dandeettii si keessa awwaalamee jiru beektee akka ati kennaa Rabbi si badhaase kanatti akka fayyadamtuf kallatti sitti agarsiisti.

Scanned by CamScanner

Library and Information Center UNIVERSITY

– 1 –

Sirriitti akeekkadhu. Mul'ata qabaadhu.

Gara itti adeemtu hin beektu taanaan galma kee hin qaqqabdu.

Namootni callisanii fandalalan jireenya isaanii keessatti gonkumaa hin milkaa'an. Kanneen mul'ata hin qabnes reeffaa wajjin wal hin caalan. Namni jiraachuu kan inni jalqabu wayita jireenya isaaf mul'ata qabaatuudha. Mul'atni abdii namatti hora, lubbu gammachiisas. Namni kamiyyuu jireenya isaaf mul'ata qabaachuu qaba. Boolli bishaanni callisee keessa ciisu ni ajaa'a. Qilleensi mana cufaa keessa jirus oolee bulee xiraa'un isaa hin hafu. Waan hojjetan tokkollee qabaachuu dhabuu irra waanti dalagan baay'een jiraachuutu gaariidha. Mul'atni immoo jireenya haaromsa. Jireenyis kan inni hiika qabaatu namni waa hojjechuuf kaayyoo qabaatee kaayyoo isaa bira ga'uf guyyaa guyyaatti ifaajjii kan agarsiisu yoo ta'edha.

"Namni waanuma ta'u abjoota ta'a," jedhu beektonni. Jireenyakeef mul'ata hin qabdu yoo ta'e, utuu hin guddatiin bakkuma jirtutti tortorta. Waanti ati bor ta'uu barbaaddu, daayaa kee har'aa irratti kan hundaa'u ta'uu isaa qubaqabaadhu. Mul'ata malee sochiin godhamu yeroo balleessufi umurii lakkaa'uu irra darbee waanti inni fayyadu tokkollee hin jiru.

Namni dachee kana irra jiru kamiyyuu mataa isaatiifis ta'e namoota kaaniif waan gaarii hojjetee akka darbuuf uumame malee

Scanned by CamScanner

akkasumaan fandalalee biyyootti akka deebi'uf hin tolfamne. Ati nama kabajamaadha. Injifannoo irratti injifannoo gonfachuuf nama murteessite waan taateef ofiin boon. Ifaajjee jennaan bakkalchi jireenya keetii caalaatti akka ifu tokkollee hin shakkiin.

Namni bakka deemu hin beekne makiinaa isaa oofaa manaa ni ba'aa? Jireenyi kaayyoo hin qabne huffee kallattii hin qabne keessa deemuu wajjiin wal fakkaata.

Jireenya kee keessatti maal barbaadda? Maal ta'uu feeta? Eessa ga'uu yaadda? Mee si'a tokko gaaffiilee kanniin of gaafadhu. Tarii dur ijoollummaa kee irraa jalqabdee gaaffii kana mataa kee gaafachaa asi geessee jirtas ta'a. Mee dachee kana akka suuqii guddaa meeshaaleen garaagaraa keessatti argamaniitti fudhadhu. Mataa kee immoo akka nama suuqii guddicha kana seenee waa bitee ba'uf yaadetti fudhadhu. Suuqiii kana seentee maal bittee gara mana keetti deebi'uu barbaadda? Yookiin immoo jireenya akka tapha kubbaa miillaatti fudhadhu. Bakka mukti goolii jiru hin beektu yoo ta'e waa'ee tapha kana mo'uu yaaduu ni dandeessaa? Guddina jechuun fulduratti tarkaanfachuu jechuu kophaa miti. Guddina jechuun kallattii sirriifi qajeelaa irra deemuu jechuudhas. Gabaabaadhumatti, jireenyi akka milkaa'u kan godhu kaayyoo ati jireenyakeef qabduudha.

Fuulduratti waan gochuu yookiin ta'uu barbaaddu sammuukeetti xiinxalii yaadi. Bakka calleensa qabu taa'iitii mee ija kee junuunfadhu. Keessa kee dhaggeeffadhu. Waan yaadakeetti dhufu hunda tokko tokkoon qalbifadhu. Gara fuulduraatti jireenya akkamii jiraachuu barbaadda? Nama akkamii taatee of arguu hawwita?

Scanned by CamScanner

Jireenya mo'uf kaayyoo qabaachuun kophaa isaatti ga'aa miti. Bira nan ga'a yookiin immoo nan godha jettee kaayyoon ati akeektu humnaafi sadarkaakee wajjin kan wal gitu ta'uu akka qabu beeki. Kaayyoo galmaan ga'uu danda'an tokko irratti xiyyeeffachuuf ciminaafi laafina ofii beekuun dhimma murteessaadha.

Kaayyoon kee waan xinnoo yoo ta'e salphaatti galmaan ga'uu dandeessa ta'a. Garuu, waan laaftuu taate irraa barnootni ati argattu baay'een hin jiraatu. Kaayyoo jabaa ulfaataa ta'e yoo akeektes galmaan ga'uu rakkattee shororkaa keessa seenuu dandeessa. Waan ta'ef kaayyoo laafaadhumatti galma ga'uu danda'u, gama biraatiinis kaayyoo ulfaataa gara maayeessa irratti nama shororkeessu utuu hin ta'in kaayyoo jireenya koo jijjiiruu danda'a jettee yaaddu kan adeemsa keessa muuxannoo irra argachaa deemtu irratti xiyyeeffadhu. Karoora baasi. Karoora kanas akka bakkalcha daandii sitti agarsiisuutti fudhadhu.

Bakka mukni goolii jiru hin beektu taanaan callistee kubbaa dhiituunkee faayidaa hin qabu.

Scanned by CamScanner

– 2 –

Loltoota Mataa Ofii

Injifannoon dirree waraanaatti argame cufti dandeettii loltoota waraana sana irratti hirmaatan irratti kan hundaa'e ta'uu isaa seenaan dhala namaa kan waggoota kumatti lakkaa'amuu ni hubachiisa. Nuti tokkoon tokkoon keenya dandeettiileefi kennaalee jireenyi keenya akka milkaa'u gochuu danda'an baay'ee qabna. Dandeettiileefi kennaalee kanniinin "loltoota" jennee waamuu ni dandeenya.

Dandeettiifi kennaan kamiyyuu gatii mataa isaa qaba. Tokko kaan irra caalaa tuffatamuu hin qabu. "Qabsoo jireenyaa" mo'uf godhamu injifannoodhaan akka ceenuf "loltoonni" tokkoon tokkoon waan gumaachan ni qaban. "Loltoota" si keessa jiran garuu addaan baasiitii beeki. Akka "loltoonni" kunniin si keessa jiran beekiitii qabsoo ati jireenya mo'uf gootu irratti si cinaa akka hiriiraniif yaalii gochuu qabdu hunda godhi.

Scanned by CamScanner

- 3 -

Milkaawwiif Dharraa Qabaachuu

Namni kufaatii faarsu, kufaatii jalaa hin miliqu.

Akka nuuf milkaa'u waan hawwinufi jireenya keenya keessatti waan nuuf ta'u gidduu walitti dhufeenyi jabaan ni jira. Waanti tokko akka siif milkaa'u yoo barbaadde waanti sun siif milkaa'uu kan danda'u ta'uu isaa nama amantu ta'uu qabda. Naaf milkaa'uu ni danda'a jedhee nama amanuf waa milkaa'a.

Hin argadhu, nan dhaba jettee nama yaaddu yoo taate utuu hin dhabniyyuu dhabdee jirta. Kanaaf hin ifaajiin. Garuu immoo nan mo'a jettee yaaddee jirta taanaan daandii injifannoo qabattee jirta. Jireenyi kee waanuma sammuun kee yaadu fakkaata. Waan tokko yaaddee yoo akka tasaa siif milkaa'uu dhabe, irra deddeebitee waa'ee waan siif milkaa'uu dhabe sanaa hin cinqamiin. Akka ati yaaddetti waanti siif taate xinnoon tokko yoo jiraatte waa'ee ishee yaadiitii sammuu kee abdiidhaan guuti. Waanti har'a siif milkaa'uu dide fuulduratti guyyaa tokko siif qajeeluu akka danda'u amani. Jireenya keessa waanti "hiree" (chance) jedhamu hin jiru. Mammaaksa, "Waan facaasan haamu," jedhu beekta mitii?

Namootni sossoreeyyiin ati magaalaa guguddoofi magaalaalee xixinnoo keessatti argitu cufti isaanii waan xinnoo irraa ka'anii gara bantiitti ol kan ba'aniidha. Yaada qalbii isaaniitu sadarkaa kanaan isaan ga'e.

Scanned by CamScanner

"Abalufaa dur kophee haxaa'u, buphaa mataatti baatanii ganda keessa deemaa gurguraa turan" yeroo jedhan dhageessee jirta ta'a. Akkamitti liistirummaa irraa ka'anii gamoo gurguddooliifi warshaalee ijaaruu danda'an jettee yaaddee beektaa? Naaf milkaa'a jettee sammuu keetti yaaddee yoo kaate humna jabaa argatta. Yaadi sammuu keetii kun gochaa kee qajeelcha, daandii sitti agarsiisas. Hireenkees kallattiin ishee ni jijjiirama. **Hubadhu:** Waan jireenya keessatti argachuuf yaadde argachuun kee hin oolu.

Abdiin nama ishee abdatu bira jirti.

Scanned by CamScanner

- 4 -

Of onnachiisu /Kaka'umsa Qabaachuu

Kaka'umsa mataakeetii hin qabdu taanaan taakkuu tokkollee tarkaanfachuu hin dandeessu. Akkuma makiinaan balaqqeettii boba'aa (ignition spark) malee hin kaane namni kaka'umsa mataa isaatii qabaatu malee jireenya isaa keessatti jijjiirama arguu hin danda'u. Akkuma baatiriin makiinaadhaa makiinaa kaasu kaka'umsa kan mataa ofii qabaachuun immoo akka namni tokko dadammaqu godha.

Jireenya mo'uf amaloota barbaachisoodha jedhaman gidduudhaa inni dureen waa dalaguf kaka'umsa gaarii qabaachuudha. Kaka'umsi mataa ofiitiin godhamu akka afuuraati (spirit). Sirriitti yoo itti fayyadaman galmaan kan nama ga'u ta'un isaa shakkii hin qabu.

Namni bakka biraatii dhufee hanga sidhiibutti gonkuma hin eegiin. Namootni kan biroon dhufanii hanga sidammaqsanitti kan eegdu yoo taate akka jirma jigee lafa ciisuu suuta bososta. Motoorii mataa keetii ta'i. Wayita dukkanaa'u dungoo kee ibsadhu. Kuftullee hamleen kee hin bushaa'in. Kaatee arreeduu ni dandeessa.

Namootni baay'een akka milkaa'an kan isaan godhu maal akka ta'e beektaa? Hojii hojjechuuf kaka'umsa mata isaanii qabachuu isaaniit.

Nama of onnachiistu yoo taate fedhiin kee kun hooggayyuu akka ibiddaa sikeessaa boba'uudhaan akka ati hojii u'ulfaatoo hojjettu sigodha.

Scanned by CamScanner

Of onnachiistu malee waanti laafaatti siif milkaa'u tokkollee hin jiru. Namoota waan addaa hojjechuu barbaadaniif kophaadhaaf jireenyi lafa irraa injifannoodhaan goolabama.

Scanned by CamScanner

– 5 –

Kutannoo

Injifachuuf utuu hin kutatiin waraanaatti seenuun balaa fida.

Dharraa yookiin hawwiin waa hojjechuu keessa keenya jiru motoorii makiinaa wajjin wal fakkaata. Kutannoon immoo ibidda garaa keessaa dharraaf humna kennuudha.

Humni humna irra caalu addunyaa kana irra jiru dhiibbaa tokko malee waa hojjechuf fedhii ati (will power) qabduudha. Bakka kutannoon jiru mo'ichi/injifannoon mirkanaa'aadha. Jireenya keessatti kan argannu waan hawwinu utuu hin ta'in argachuuf kutannee waan hojjenneedha.

Hundumti keenya hawwii qabna. Hawwiin keenya lakkoofsi isaa hanga hin qabu. Garuu waan hawwine kana argachuuf kutannoodhaan kan hojjetu yookiin kan carraaqu nama meeqaa? Dhugaa isaa dubbachuuf lakkoofsi keenya xiqqoodha. Kaan keenya waan hawwine sana argachuuf ifaajjii isaa yaaddofnee hamleen keenya bushaa'ee jira.

Kutannoo jechuun gonkumaa harka kennuu dhabuudha. Kutannoo jechuun ifaajjii kiyya addaan hin kutu jechuudha.

Hubadhu: *Sangaan coomaa waan ta'ef isa qallicha hin mo'u. Humna isaan qabantu murteessa. Waan tokko xinnoodhuma tuttuqxee seenaa hojjechuu hin dandeessu.*

Waan hundumaa keessatti milkaa'inni aarsaa qabatamaan namni tokko baasuuf kutate irratti hundaa'a. Fedhii qabduf aarsaa baasuuf

Scanned by CamScanner

qophaa'aa miti taanaan kan si'eeggatu kufaatiidha.

Akka kompaasii kallattii agarsiiftuu kutataa ta'i. Ati kallattii feeteetti marfattus fiixeen kompaasiittii garuma kaabaa agarsiiftu. Waanti fedhee isa danqullee akkuma kompaasii kallattii agarsiiftu kana namni kutataan galma isaa ga'uf carraaqqii isaa addaan hin kutu.

Kutannoo qabda taanaan bakka hawwite ooltee bultee ni geessal

Scanned by CamScanner

– 6 –

Ofirratti Amantii Qabaachuu

Nama ofirratti amantii qabu, amantiin inni ofirratti qabu isa tiksiiti.

Aksileereetarii tuqan malee makiinaan akkuma hin deemne nutis ofirratti amantii qabaannu malee baay'ee deemuu hin dandeenyu. Ofirratti amantii qabaachuun galma keenya haa geenyuuf akka boba'aatti ni tajaajila.

Namootni ofirratti amantii hin qabne waan tokkollee hojjechuu kan danda'an isaanitti hin fakkaatu. Sababa kanaan utuma hin jalqabiin shororkaa keessa galu. Xinneessanii gad ofi ilaaluun tulluu kufaatii ofirratti ijaaruu wajjin wal fakkaata. Gama biraatiin garuu ofirratti amantii qabaachuun tulluu kufaatii sana jigsuuf fayyada. Namni ofirratti amantii qabu dadhabina tokkoon tokkoon ishee sakatta'ee gara asxaa injifannootti geeddara.

Waa'ee dandeettiikeetii shakkii qabda taanaan kallattii kufaatii irra qajeeluutti jirta. Shakkiin yaalii illee utuu hin godhin waraana silaa mo'uu dandeenyu akka injifatamnu dhukkuba gootuudha. Namni tokko yaalii wayii godhu malee maal hojjechuu akka danda'u yookiin immoo hojjechuu akka hin dandeenye adda baasee beekuu hin danda'u.

Bidiruun kamiyyuu xinnaatus guddatus bishaan irra bololi'uu ni danda'a. Sa'atiin kamiyyuu xinnaatus guddatus yeroo ni lakkaa'a.

Scanned by CamScanner

Ofirratti amantii qabaachuunis akkanuma duuba irraa dhala namaa waan dhiibuudha. Amantii ofirratti qabdun si'a tokko waa hojjettee jennaan fedhiin kee addaan hin citu. Waanti ati hojjette sun siif milkaa'un isaa mataa isaatti amantii ati ofirratti qabdu siif cimsa. Atis waan milkaawaa kan biro hojjechuutti ceeta.

Wal'aansoon jireenyaa wajjin godhamu yeroo hunduma kallattii namootni sossoreeyyii yookiin beektoota jedhaman fedhan irra hin qajeeltu. Oolee bulee kan jireenya injifatu isa *"Nan danda'a"* jedhee amanuudha. Amantii ofirratti qabdu daran dabaluuf cimina keefi waan ammaan dura hojjettee siif milkaa'e irratti xiyyeeffadhu. "Yeroo sanatti ergan hojjedhee ammas hojjechuu nan danda'a," ofiin jedhi.

Shakkiin tulluu kufaatii ijaara. Ofirratti amanuun immoo tullucha jigsa.

Scanned by CamScanner

– 7 –

Gootummaa

Yoo waraana keessa gootummaadhaan darbite madaaliiyaa argatta.

Gootummaan giirii makiinaa wajjin wal fakkaata. Makiinaa giirii isaa tuqxu malee kaasuu hin dandeessu.

Utuu gufuun isaa hin tuqin namni jireenya isaa keessatti milkaa'u tokkollee hin jiru. Utuu rakkina hin argiin nan milkaa'a jechuun abjuudha. Waan hojjettu hunda keessa hanqinni wayii jiraachuu kan danda'u ta'uu isaa beekuu qabda. Waayita waan tokko hojjechuuf kaatu carraan si eeggatu waan lamadha. Yookiin ni milkoofta yookiin ni gufatta. Garuu immoo, yoo tasuma yaalii gochuu dhabde carraan kee waan tokkittiidha; kufaatii. Waan tokko hojjechuuf yaalii dandeessu gochuu keetiin carraa milkaa'uf qabdu %50 ol guddiftee jirta. Gonkumaa yaaluu dhabuukeetiin garuu caraa kufaatiikeetii %100 kan mirkaneessite ta'uu kee hubadhu.

Waan tokko hojjechuuf yaaluukeetiin rakkoo sirra ga'u irra, hojjechuu dhabukeetiin rakkoon sirra ga'u daran ulfaataa akka ta'e beekuu qabda.

Rakkina jifachuu sodaatanii callisuu irra, garaa jabaatanii rakkinichatti bu'utu deega irraa nama tiksa. Doonii qarqara galaanaa buufate akka deemuuf hanga hiikanitti hidhaa isaa kutatee gara galaanaatti hin qajeelu.

Yoo nuuf milkaa'uu baate, balaa dhufu danda'u yaaduudhaan

Scanned by CamScanner

wantoota u'ulfaatoo ta'an hojjechuu irraa of tiksina. Garuu immoo kufaatiifi milkaawwiin wal cinaa kan deeman ta'uu isaanii hammam hubannee jirraa? Namootni hanga humna isaaniitti waa hojjechuuf ifaajan hundi jireenya keessatti gara fulduraatti tarkaanfachuun isaanii hin oolu. Isaan warri shakkan garuu laafaatti gara ifaatti hin ba'an. Gootummaa jechuun sodaachuu dhabuu utuu hin ta'in sodaa miilla jala kaa'anii dhiituudha. Namni sodaachuu hin qabu hin jedhamu. Sodaanis faayidaa mataa isaa qaba. Garuu immoo sodichatti daangaan tolfamuutu irra jiraata.

Yoo dayeessa qaxxamurtee deemte malee dachee haaraa argachuu hin dandeessu. Qocaanis man'ee ishee keessaa morma ishee baastee yoo hin deemiin eessayyuu hin geessu. Waaqayyo waan morma qallisee uumeef qaba. Ol hiixanne ilaaluu akka dandeenyuuf mormi tolfame. Erga waanti hundumti siharkaa miliqee booda ammas yaaluuf ati nama booree qabdu yoo taate ammallee gootummaan siwajjiin jirti jechuudha.

Fiixee damee mukichaa bira ga'uu hin sodaatiin. Iji isaa kan jiru bakka sanadha.

Scanned by CamScanner

– 8 –

Seexaa Qabaachuu

Wayita dukkanaa'u filannoolee lamatu jira. Dukkanicha abaaruu yookiin immoo dungoo/maktuuta ibsuu.

Addunyaan kun namoota gosa lama irraa tolfamte. Gartuun warri tokko akka motoorii wayita dachee sochoosan gartuun warri lammaffaan immoo akka jirmaa lafa ciisu. Namni isaan tuqu malee hin socho'an, sagaleen isaanis hin dhagaa'amu. Warri "motoorii"n ofuma isaaniitiin wayita carraaqan warri "jirma" ta'an garuu hanga namni kan biraan dhufee isaan dhiibuutti taa'anii eegu.

Wayita dooniin kee gara kee dhufuu diddu filannoolee lama qabda: Teessedhuma hanga doonittin dhuftutti eegda yookiin immoo deemtee fiduudhaaf gamasitti qajeelta. Dhimma tokko irratti hooggayyuu filannoolee lamatu jira. Namootni kan biroon akka hojjetaniif isaaniif dhiiftee ati teessee bu'aa isaa eeguu yookiin immoo haala jiru fooyyessuuf atis seexaadhaan (kaka'umsaan) mataakeetiitiin waa hojjechuudha. Waan silaa ofii hojjechuu qabdu namootni kan biroon haa hojjetan jettee isaanitti yoo dhiiste waanti ati eegdu sun gonkumaa hin hojjetamu. Garuu utuu nama hin eegiin karoora baafattee ofuma keetiin yoo hojjette jijjiirama fiduu akka dandeessu ni hubatta.

Hojiikee namoota kan biroof dhiiftee teessee bu'aa isaa eegda taanaan kan si'eeggatu kufaatiidha. Namoota dorgommiitti seenuu sodaatan irra injifachuu dhabanillee kanneen dorgommichatti

Scanned by CamScanner

seenanii sadarkaa humna isaanii beekkatantu caala.
Yoo daaktee bira geesse dooniikee daftee fiduu dandeessa.

Kaka'umsa keetiin waa hojjechuu jechuun dukkana jabaa keessatti tiriika (baatirii) ibsuu akka jechuuti. Halkanichi hamma fedhe dukkanaa'ullee ifi baatirichaa daandiikee sitti agarsiisa.

Scanned by CamScanner

– 9 –

Beekumsa

Yoo waraana jabaa tokko mo'uu barbaadde, dursitee wa'ee waraanichaa beekuu qabda.

Beekumsi masakaa (steering wheel) makiina wajjin wal fakkaata. Beekumsi humnaafi gochaa "kallattii siirii" ta'e irra qajeelcha. Mammaaksa keessattis "Qalqalli duwwaan qajeelee hin dhaabatu," jedhu mitii? Waan dhugaadha. Imalli jireenyaa marfata baay'ee daandii jajallaafi bu'aa ba'ii lakkoobsi isaa hanga hin qabne danuu qaba. Imala (journey) keenya dadhabbii jabaa malee akka raawwannuf waa'ee daandii keenyaa beekumsa gaarii qabaachuu qabna. Beekumsi garam irra deemuu akka qabnu jireenya keenya keessatti kallatti nutti agarsiisa.

Wantoota lubbuu qabeeyyii ta'an keessaa diinoota isaa irraa of eeguuf meeshaa waraanaa uumamaa jechuun waan akka gaanfaa, ilkaan jajjaboofi summii kan hin qabne dhala nama kophaadha.

Haa ta'uyyuu malee, ammayyuu biyya lafaa irratti aangoo kan qabu dhaluma namaat. Kanaaf immoo sababni isaa waan tokkottiidha. Dhalli namaa meeshaa meeshaalee irra caalu "sammuu" qaba.

Namootni jireenya milkaawaa jiraachuu barbaadan meeshaa waraanaa kana "sammuu" isaanii hooggayyuu beekumsaan qaroomsuu qabu. Beekumsi maroo sammuu qaruudha. Adaduma beekumsikee dabalaa adeemun hidhannoon kee "sammuu"n jabaachaa deema.

Waan beektufi hin beekne addaan baasiitii qalbifadhu. Hanqinakeefi

Scanned by CamScanner

dadhabinakee beekuun kee waan sifayyadu baay'ee qaba. Akka ati wantoota hir'ina kee ta'an kanniin irratti hojjettu sigodha.

Sammuun keenya akka birciqqoo bishaanni keessa jiruuti. Guutuudha kan jettu yoo ta'e, jechuun waan hundaa nan beeka jetta yoo ta'e waanti haaraan itti naqamu hin jiru.

Garuummoo caalaatti barachuuf, "Waan kana ani hin beeku" ofiin jedhi. Yeroos odeeffannoo haaraan sammuu kee seenuu eegala.

Beekumsi kitaaba, namoota kan biroo, muuxannoo mataa ofii irraa yookiin immoo dhabbilee garaagaraa irraa argamuu ni danda'a. Mammaaksa tokkotu jira. "Barachuuf kan jaare/dulloome, barsiisuummaadhaafis umuriin daa'ima kan ta'e hin jiru," jedhama. Miidhaginni beekumsaa yeroo barbaaddetti bakka barbaaddetti abbuma barbaadde irraa baratamuu kan dandeessu ta'uu isheeti. Beekumsi utuu wal irraa hin citiin yeroo yeroodhaan hareeffamuu qaba.

Jireenyi wayita iccitii ishee hubatan yeedaloon ishee ni mi'aawa. Addunyaa dorgommiin marfamte bara kanaa keessatti dhaadannichi akkas jedha: "Caalaatti beekumsa gonfadhu. Ta'uu baatnaan bakkuma jirtu dhaabadhuutii akka bofa dugugguruun dha'amee ciisii wixxifadhu!"

Scanned by CamScanner

– 10 –

Obboroodhaan Eegalu

Yeroon ati rasaasa itti dhukaastu, hanguma waan ati Rukuttee mirga irratti argachuu barbaadde sanaa barbaachisaadha.

Ibidda akkuma inni waa gubuu eegaleen dhaamsuutu irra salphaadha. Ibidda fiixee muka kibriitii/tomaashoo irra jirtu afuuftee battala tokkoon ifa ishee dhaamsuu ni dandeessa. Gama biraatiin garuu hoomaan namootaa hangi barbaade birmatus ibidda gamoo guddaa qabatee jiru laafaatti dhaamsuu hin danda'u.

Tuffattee yoo dhiistee rakkooleen tokko tokko caalaatti babal'achaa adeemu. Wayita oolanii bulanii jedhan immoo rakkoolee kanniin buqqisuun daran ulfaataa ta'a. Yoo dafanii tarkaanfii fudhatan dhukkubni kaansariillee ni fayya. Barfachuu irra rakkoo simudate tokkoof daftee yoo furmaata kennite wayya.

Rakkinni yeroodhaan furmaata hin arganne duuba irra balaa cimaa fida. Yeroon ati rakkina keef furmaata itti barbaaddu **amma.**

Dursii tarkaanfii fudhadhu. Dhukkuba wal'aanuu irra dursanii ittisuutu irra dansaadha. Yoo daftee tarkaanfii ittismaataa fudhatte rakkooleen akka hin babal'anne ukkaamsita. Rakkina kichummaa isheetti buqqisuun humnaafi yeroo baay'ee hin barbaadu.

Akka gara boodaa irratti shororkaa sirratti hin uumnetti hojiilee barbaachisoo ta'an amma dalagi. Carraa milkaa'uuf qabdu ol guddisuuf gufuu tokko akkuma argiteen battala tarkaanfii irratti fudhadhu.

Scanned by CamScanner

Rakkinaaf furmaata kennuf yeroo gaariin akkuma rakkinichi mul'ateen tarkaanfii fudhachuudha.

Scanned by CamScanner

– 11 –

Murteessuu

Namiyyuu humna dinqisiisaa ta'e tokko qaba; humna waan barbaade filachuu.

Jireenyi akka suuqii bakka waan barbaadde filattuuti. Bilisummaan guddichi addunyaa kana irra jiru bilisummaa waa filachuuti. Namni waa filachuu yookiin murteessuu hin dandeenye harka qullaa gara mana isaatti kan deebi'u ta'uun beekamaadha.

Wayita filannooleen garaagaraa siif dhihaatan filannoolee jiran gidduudhaa isa siif caalaatti bu'aa qabu irratti kan xiyyeeffattu ta'uun kee hin shakkisiisu. Filannoolee jiran keessaa isa tokko fudhachuu yoo barbaadde warra kaan gatuuf murtii kennuu qabda jechuudha.

Namni hundumaa dhuunfachuu barbaadu waan tokkollee hin argatu.

Dandeettiin yeroodhaan murtii kennuu waraanicha mo'uf ulaagaa murteessaadha. Rakkina tokkoof furmaata kennuf rakkinicha kallattii garaagaraatiin ilaaliitii wantoota fala ta'uu danda'u jettee yaaddu hunda tokko tokkoon tarreessi.

Scanned by CamScanner

– 12 –

Qophii

Waantii qophiin isaa gaarii ta'e walakkaadhaa olitti akka waan hojjetameetti fudhatamuu ni danda'a.

Qophii jechuun utuu gara daandii bu'aa ba'ii ta'etti hin ba'in makiinaa daandii qajeelaa irratti oofuu baruu jechuudha. Qophiin gumcuuleefi rakkinoota daandii jireenyaa irra jiran qalbifannee akka bu'aa ba'iilee kanniiniif dursinee qophoofnu nu gargaara.

Akkuma tapha cheezii, qabsoo jireenyaa keessatti kan mo'u fageessanii yaaduudha. Rakkinni dursee beekame akka waanta gartokkeen isaa dursee furmaata argateetti fudhatamuu ni danda'a. Namni waanti tokko akka gaariitti akka milkaa'uuf barbaadu dursee qophii ga'aa gochuu qaba. Waanti qophii malee hojjetamu dhuma irratti gara kufaatiitti nama oofa. Qophii giraamiin tokko gidiraa kuntaala kudhan ulfaatu irraa nama eeguu dandeessi.

Gabaabdhumatti, fiiguu dura suuta adeemuu baruu qabda jechuudha. Galaana seentee daakuu kee dura laga xinnootti bishaan borcuu bari. Pirojektii guddaa bantee hojii jalqabuukee duras pirojektiilee xixinnootti harkakee hiikkadhu. Yoo hojii manaa hin hojjetiin qormaatatti "A" argachuu hin dandeessu.

Qophiin har'aa, milkaawwii borii murteessa. Kanaaf qophiifi milkaa'inni walitti dhufeenya kallattii qabu. Namoota qophiidhaaf aarsaa kaffalaniif milkaawwiin akka badhaasaatti gara jireenya isaanii seenti. Dursiitii karoorsi. Yeroo karoorsitus karoora kee bareechi. "Karoorsuu irratti yoo danqamte, kufuuf karoora baasta," jedhama.

Scanned by CamScanner

Ogummaa kamirrayyuu aanuuf dhimmi ijoon dursanii qophii gaarii gochuudha.

Qophii gaariidhaan jalqabi. Booda waan suphitus ta'e waan gaabbitu hin qabaattu.

Scanned by CamScanner

– 13 –

Waan Xixinnoof Xiyyeeffannaa Kennuu

Namni battala tokkotti utaalee ji'a irra qubate hin jiru.

Galma kee kan filatte ta'uun isaa shakkii hin qabu. Haa ta'u, gaariidha! Garuu immoo hanga yaadde tarkaanfachuutti kan hin jirre ta'uun kee sitti dhagaa'amutu danda'a. Sababa kanaan fedhiifi kaka'umsa hojii dhabda ta'a.

Guddinni sadarkaa sadarkaadhaan dhufa malee battala tokkotti bantii irra kan ga'e hin jiru, kan ga'us hin jiru. Fiixee gamootti oli ba'uf sadarkaalee jarmicha keessa jiran tokkoon tokkoon isaaniirra eejjechuun dirqama akka ta'e beekta.

Humna na keessa jiru hundumaan utaaleen fiixee irra qubadha jettee kan yaaddu yoo ta'e balaa hamaa irra bu'uu kan dandeessu ta'uu kee sirriitti hubachuu qabda. Waan ta'ef galmakee murna murnaan qoodiitii dhawaata dhawaataan itti tarkaanfadhu.

Kaayyoon miira guddinaa uuma. Miirri guddinaa immoo gama biraatiin booree kakaasa. Yoo namni galma hin qabaatiin dhuma irratti abdii kuta, kaayyoo jireenyaas ni wallaala. Jijjiiramni qabatamaa ta'e jireenya kee keessatti hin mul'atu taanaan gara kufaatiitti kan qajeeltu ta'uun kee mirkanaa'aadha.

Kaayyooleen xixinnoon ati baaftus kaayyoolee isa guddaa galmaan ga'uuf faayidaan isaanii hanga hin qabu.

Galmakee waggaa, ji'a, torbaniifi guyyaadhaan addaan qoodi. Sagantaan kun maal, yoom akka dalagdu beekuuf sigargaara. Haala

Scanned by CamScanner

kanaan bu'aa fooyya'aa ta'es ni argatta.

Siixee tulluutti suuta ol ba'u. Galmi jireenyaas akkasuma. Sadarkaa, sadarkaadhaan itti tarkaanfatama. Kaayyoolee isa dheeraa sadarkaa sadarkaadhaan hirtee itti kan deemtu yoo ta'e carraan ati milkaa'uuf qabdu baay'isee ol'aanaadha.

Namni battaluma tokkotti ji'a irra qubachuu yaalu yeroosuma kufa.

Scanned by CamScanner

– 14 –

Yaada Guutuudhaan Waan Tokko Irratti Xiyyeeffachuu

Namni miilla isaa bidiruu garaagaraa irra dhaabe bishaanin liqifamuun isaa hin oolu.

Yoo cittuu waraqataa aduu jala keesse waraqatattiin tasa hin gubattu. Garuu waraqatuma kana leensii jala yoo keesse battalumatti gubattee daaraa taati. Leensichi humna aduu walitti qabee bakka tokkichatti waan kuusuuf humni kufame sun waraqatattii gubee dhabamsiisa.

Waraana irratti injifannoo galmeessuu yoo barbaadde yaadakee bakka lamatti hin hiriin. Shakkaas waraanichatti hin seeniin. Humna kee guutuudhaan itti bu'i. Humnaafi qalbiikee guutuudhaan galma kee irratti xiyyeeffachuutu mirga siif argamsiisa.

Yoo bu'aa lubbuu kee gammachiisu argachuu barbaadde kaayyoo kee irratti xiyyeeffadhu. Waan tokko qabattee amma ammaa gad dhiista taanaan eessayyuu ga'uu hin dandeessu. Namni waan hundumaa hojjechuu barbaadu dhuma irrratti utuu waan tokkollee galmaan hin ga'in qullaatti hafa.

Hooggayyuu, utuu hojii harka kee jiru hin xumuriin hojii kan biraatti hin ce'iin.

Si'a tokkotti hojiidhuma tokko hojjedhu.

Scanned by CamScanner

– 15 –

Hojimaata yookiin Gochaa

Qawwee qabatanii yeroo barbaachisaa ta'etti dhukaasuu dhabuun qawwee qabaachuu dhabuu wajjin garaagarummaa hin qabu.

Akkuma gololleefi makiinaan wajjiin deeman gochaan immoo miiltoo dhala namaati. Gara galma isaatti geessani. Namootni yaada isaanii gochaadhaan agarsiisan namoota kanneen gochaa wajjin wal hin beekne irra ol'aantummaa qabu. Hojiitti hin hiikamu taanaan barnoonni hangama barattus faayidaa hin qabu. Beekumsa qaban faayidaa irra oolchuu dhabun midhaan facaasuuf utuu hin ta'in callisaniidhuma lafa qotuu wajjin garaagarummaa hin qabu.

Wantoonni addunyaa kana irra jiran baay'een isaanii hanga namni isaan sochoosutti bakka jiranii kan socho'an miti.

Hojii ijaan mul'atu tokko dalagu irra namni oduudhumaan jiraachuu barbaadu aramaa oyiruu keessaa wajjin wal fakkaata. Namni waan beeku hojiin agarsiisuu hin dandeenye akka simbirroo baallee/ goblaa hin qabneet. Lamaanuu bakka jiranii socho'uu hin danda'an. Dhibaa'ummaan faana ishee cirracha milkaa'inaa irratti chaappessuu hin dandeessu. Utuma daandii qajeelaa irra jirtuu kan teessu yoo ta'e bakkuma jirtutti micirqifamta.

Jalqabdu malee eessayyuu ga'uu hin dandeessu. Tulluudhuma ijaan ilaalee fiixee tulluchaatti kan ol ba'e hin jiru.

Ijibbatanii kufuun waan haaraa miti. Waanti gadheen garuu gonkumaa yaaluu dhabuudha. Socho'uu qabda. Yoo taa'uu ittifufte

Scanned by CamScanner

kan gamakee dhufu milkaawwii utuu hin ta'in kufaatiidha. Bakka milkaa'inni buufatte ga'uuf dooniikee gamasitti oofi. Qilleensi sidanquu danda'a. Akka barbaachisummaa isaatti si'a tokko qilleensichaa wajjin, si'a kaan immoo qilleensicha irra goraa gara buufatichaatti qajeeli. Gonkumaa garuu, dooniikee qarqara galaanichaa atti hiitee hin taa'iin. Milkaawwii wajjiin firooma kan qabu jecha tokko kophaatu jira, hojimaata/gochaa. Ammas hojimaata isa boriitiif har'a hojjedhu. Guyyaa *har'a* jennu kun bulee bor ta'a.

Akeekkachuun kophaa isaatti ga'aa miti. Qaataa harkisuu qabda.

Scanned by CamScanner

– 16 –

Sabrii (Persistence)

Imala jireenyaa keessatti duree kan ta'u nama deemsa isaa addaan hin kutneedha.

Qabsoo jireenyaaf godhamu keessatti kan mo'aman namoota kanneen injifannootti dhihaatan garuu immoo injifannootti dhihoo ta'uu isaanii utuu hin beekiin warra waraana dhaabaniidha. Yeroo baay'ee abbaa mirgaa ta'uu geenyee dadhabna. Siif milkaa'uu dhabullee hin dhiisiin. Milkaa'uun akkuma jiru kufuunis jira. Mo'amuu kee amantee yoo fudhatte malee hin injifatamtu.

Jireenyi qabsoodha, qabsoo walxaxaafi ulfaataa. Warra jaboofi kutatootu madaaliiyaa ishee fannifata. Kaan dhiisanii erga deeman booda, ati garuu obsitee hojjechuu keetu gara daandii milkaa'inaatti sigeessa.

Walitti bu'iinsa bishaanifi dhagaa gidduutti uumamu keessatti hooggayyuu kan mo'u bishaani. Bishaanni humna waan qabuf utuu hin ta'in sabriidhaan injifata.

Namoonni duubatti dheessan gonkumaa hin mo'an. Yoo hin mo'in ammas ammas irra deddeebi'iitii yaali. Ni barfatti malee mirgikee hin haftu. Sabriin furtuu ishee guddoo balbala milkaa'inaa saaqxuudha. Ogummaa guddaan kan jiru tasuma kufuu dhabuu keessa utuu hin ta'in adaduma kufaaniin deebi'anii ka'uu keessadha.

Namootni gurguddooliin dachee kanaa battaluma tokkotti fiixeetti ol hin baane. Garuu wayita iriyoonni isaanii rafan isaan halkan qixxeellee ni dhama'u turan. Wal'aansichi hamma fedhe ulfaataa

Scanned by CamScanner

ta'ullee akka waanta galmaakee irraa dhundhuma muraasa kophaa fagaattee jjirtutti yaadiitii qabsookee daran finiinsi.

Iccitiin milkaawwiidhaa nuffii malee ijibbachuudha, utuu addaan hin kutiin ijibbaachuu.

Scanned by CamScanner

– 17 –

Sirnaan Gurmeessuu (Systematic working)

Mo'attoonni yeroo hundumaa xiyyaa isaanii akeekkatanii eegu.

Qulfii makiinaa (ignition key) iddoo malee yoo keesse makiinaa oofuu ni dandeessa? Loltoonni silaa dirree waraanaatti injifannoo gonfachuu danda'an meeshaan waraanaa yeroodhaan isaaniif dhihaachuu dhabuusaatiin injifannoon harka isaaniitii miliqee jira. Tibba murteessaa ta'etti rasaasa hin dhukaastu taanaan qawwichas ta'e rasaasicha baachuun faayidaa hin qabu.

Injiifannoo gonfachuuf hojiikee sirriitti qindeessuu qabda. Waraqatoota, dokmantootaafi sartifiikeetota kee wal keessa laaqxee hin kaa'in. Hanga fedhe nama cimaa taatullee akkuma nama ammaaf barbaadetti sanadoota qixxeesiitii kaa'i. Yoo gurmeessitee kaa'u dhabde beellamallee irraanfachuu ni dandeessa. Yaadannoolee qabdus gatuu malta.

Waa qixeessuu jechuun meeshaalee akka gosa gosa isaaniitti, akka bifa bifa isaaniitti gurmeessanii kaa'uu/naquu jechuudha. Wantoota wal fakkaatan bakka tokkicha kaa'uu amaleeffadhu. Yeroo biraa wayita barbaaddu humna baay'ee utuu hin baasiin salphaatti argatta.

Sanadoota kee bakkuma argitetti darbatta taanaan dhuma irratti gatii ati hin yaadne kan sibaasisu ta'uu qubaqabaadhu.

Scanned by CamScanner

Hojiin kee gurmaa'aa haa ta'u. Faayiloota kee sirreessitee kaa'uu amaleeffadhu. Yeroofi humnakees akka hin taanetti balleessuu irraa of olchita.

Scanned by CamScanner

– 18 –

Of To'achuu

Of to'achuun haadha injifannoo hundaati. Injifannoon firii of to'annooti.

Of to'achuun akka fireenii makiinaati. Kallattii dogoggora irraa akka hin deemne yookiin immoo makiinoota yookiin meeshaalee kan biroo wajjin akka walitti hin buuneef eega. Akkuma makiinaan oofan makiinaa kan biro wajjiin walitti hin buuneef fireeniidhaan of eeggannoo godhan, dhalli namaas galma isaa ga'uf of to'achuu qaba.

Namni tapha kubbaa irratti goolii galchuu danda'u nama kubbaa isa geesseef mataa isaa to'achuu danda'uudha. Namni of hin to'anne waanuma arge battaluma nyaata, fayyaa isaa rakkina keessa buusuu danda'a. Haaluma wal fakkaatun namni arraba yookiin afaan isaa hin adabannes hariiroo iriyoota isaa wajjin qabu balleessa. Daa'imni of to'achuu dadhabee guyyaa guutuu taphachaa oolus barnoota isaa irratti qabxii gaarii hin argatu.

Waanti gurguddaan halkan tokkotti hin uumamu. Mukti yeroo ija itti harcaafatu qaba. Har'uma dhaabamee mukti har'uma ija kennu hin jiru. Kana qonnaan bultoota irraa baruu ni dandessa.

Of to'annaan afuura jabeessa. Dheekkamsas ni hambisa. Si'a tokko tokko of to'achuu waanti jedhamu kun hadhaa'uu ni danda'a. Haa ta'u immoo malee firiin isaa mi'aawaa ta'uu yoo qaabatte/ yaadatte bu'aa isaa eeguun sitti hin ulfaatu. Bu'aan hojii tokkoo hanga mul'atutti yeroo kan fudhatu ta'uun beekamaadha.

Scanned by CamScanner

Haadhoon hindaaqqoo buphaa akka hammattu gootee obsaan eeguudhaan wicoo argatta malee wicoo argachuuf jettee buphicha hin cabsitu. Daa'imatti iyyuun daa'ima adabuu miti. Guddinni dhawaata dhufa malee akka soomayyoo shonboqqoo keessisaa duwwaadhaa halkan tokkotti dhundhuma tokkoofi lama hin dheeratu.

Warra suuta, garuu imala isaanii addaan hin kutnetu dorgommicha injifata.

Namni of to'achuu danda'u addunyaa bita.

Scanned by CamScanner

– 19 –

Fayyaa

Fayyaan humna galmakee ga'uu sigonfachiisa.

Hanguma motooriin makiinaadhaaf barbaachisaa ta'e fayyaanis dhala namaaf jireenyaa isaati. Makiinaan motooriin isaa rakkina qabu bakka yaadame hin ga'u. Dhalli namaa yoo fayyaa hin qabatiin akkasuma kaayyoo isaa ga'uu ni rakkata. Shufeerii beekaan fayyaa motoorii isaatii eeguun hammam barbaachisaa akka ta'e ni hubata. Atis mul'ata kee galmaan ga'uu yoo barbaadde fayyaa kee eeguu qabda. Fayyaan qabeenya jedhu mitiiree!

Fayyaa jechuun qaamni nagaa ta'uu isaa dhimma ilaalu kophaa miti. Namni tokko fayyaadha jechuuf sammuun nagaa ta'utti dabalee hariiroon jireenya hawaasummaafi jireenyi afuuraa isaa illee qajeelaa ta'uu qaba.

Nyaata gaarii nyaachuudhaan fayyummaa qaamakeetii eeguu ni dandeessa. Ispoortii hojjechuun humna ati dhukkuba ofirraa ittisuuf qabdu ni dabala. Amaloota fayyaakee eegan wajjin warroom. Tamboo aarsuu, qorichoota simirqaansanii garuu immoo booda sammuu kee adoochaniifi alkoolii xireeffadhu. Wantoonni kunniin anniisaa "motoorichi" waa hojjechuuf qabu dadhabsiisu.

Akkuma sooratni fayyaa qaama keenyaa eegu yaadni qalbii keenyaafi miirri keenya immoo fayyaa sammuu keenyaa wajjin hidhata qaba. Kitaablee gaariin, iriyoonni gaariiniifi oolmaa gaariin yaadaafi ilaalcha dansaa akka qabaannu nugodhu. Ilaalchi gaariin soorata sammuukeetii kan yeroo hundaa haa ta'u. Cinqiifi dhiphina irraa

Scanned by CamScanner

walaba ta'uuf hojii guyyuma guyyaan hojjettu keessatti boqonnaa fudhadhu. Yeroo bashannanaas saganteeffadhu. Nama waan gaarii yaadu ta'i. Yaada qajeelaadhaan galaana jireenyaa kana mooqi.

Fayyaa keenyaaf dhimmi barbaachisaan kan biraan hariiroo nu'i hawaasaa wajjin qabnuudha. Namni hawaasa keessatti namootaa wajjin walitti dhufeenya gaarii qabu jireenyi hawaasummaa isaa nagaadha jedhama. Jireenya gaarii jiraachuuf hariiroo hawaasaa wajjin qabdus jabeessii.

Namni gama jireenya afuuraatiin nagaa ta'u malee qaama, sammuufi jireenya hawaasummaatiin fayyaalessa ta'uu hin danda'u. Urgooftuu namoota kan biroo irratti wayita biiftu atis urgaa isaa suufuun kee hin oolu.

Waanta gaarii namaaf gochuun mataa ofiitiif boqonnaa kenna. Sammuu gammachiisas.

Namoota kan biroo gargaaruun bu'aa mataa isaatii qaba. Kaayyoon jireenyaa inni guddaan namoota kaaniif waan bu'aa qabu, jireenya isaaniis waan foyyeessuu danda'u hojjetanii darbuudha malee matuma ofii kophaadhaaf nyaachuu miti.

Fayyaan imalli jireenyaa gammachiisaa akka ta'u godha.

Scanned by CamScanner

– 20 –

Quunnamtii/Komunkeshinii Gaarii

Quunnamtii/Komunkeshinii gaariin carraa milkaawwii daran dabala. Mallattoolee tiraafikii cinaa daandii jiran sirriitti qalbifatu malee shufeeriin bakka yaade qaqqabu hin jiru. Shufeeriin hiika mallattoolee daandii hin beekne balaa irra bu'a, hin milkaa'in hafa jechuudha. Gama biraatiinis, mallattoon daandii iddoo isaa malee dhaabame burjaajii uumee rakkina fiduu danda'a.

Asirratti quunnamtii qajeelaan qabsoo milkaawwiif godhamu keessatti shoora murteessaa kan taphatu ta'uun isaa hubatamuu qaba.

Meeshaaleen saayinsii ammayyaa hedduun utuu jiranii sababa dhaamsa dogoggoraa yookiin immoo ergaalee afaanfaajjesaniin kan ka'e waraanni silaa injifannoon goolabamuu danda'u garagalchii harka kennuun xumuramee jira. Dhaamsi iddoo tokkoo bakka biraatti dabarfamaa ture gidduutti baduu isaatiin, gama biraatiinis afaan isa dhaamsicha dabarsuufi gurra isa dhaamsicha fudhatee bira hanga ga'utti ergichi micciiramusaatiin kan ka'e hariiroon jireenyaa hedduun akka malee boora'eera.

Wayita yaadakee, kaayyookeefi karoora kee namoota kan birootti himtu ifaafi amanamaa ta'i. Karoora, fedhiifi miira namoota kan biroo qalbifadhu.

Komunkeshiniin quunnamti kallattii lamaati. Namoota kan biroo hubachuu kan ati dandeessu yoo obsa qabaatteedha. Dhaggeeffataa gaarii ta'i. Waanta namootni kan biroon jedhan hubachuuf yaali.

Scanned by CamScanner

Namootni lama yoo wal hubatan rakkooleefi furmata kennuudhaan daangaan isaan mo'ichaan hin diigine hin jiraatu. Hariiroon isaaniillee ajaa'ibsiisaa ta'a. Quunnamtii gaariin yaada namni kan biraan kennu ijaaraa adeemuudhaan uumama malee yaadichi faallaa deemuudhaan miti. Quunnamtii gaariin jechuma kophaadhaan waan ibsamu miti. Sochiin qaamaa, akkaataan fuulaafi akkaataan itti dubbatanillee waan himan ni qaban.

Scanned by CamScanner

– 21 –

Fedhii Hunda Irra Caalanii Mul'achuu

Hunda irra caalanii mul'achuf waan xixinnoofillee xiyyeeffannaa kennuu barbaachisa.

Uraa xinnoon dooniin bishaaniin akka liqimfamtu gooti. Mixii xinnoonis arba maraachitee wayita biyyaa baaftu qinqaniin hamma mixii hin geenye immoo keessa isaa nyaattee muka guddaa lafaan dhoofti.

Atiletonni fiigicha walii isaaniitiin dorgoman fageenya dheeraa utuu hin ta'in xumura dorgommichaa bira ga'anii tarkaanfiidhuma xinnoodhaaf wal mo'u. Barattoonni hedduunis qormaatuma salphaa ta'e irratti qabxii silaa isaan dabarsuu qabu argachuu dhabuu isaaniitiin qabxiidhuma xinnoo isheetii jedhanii kufanii jiran. Maallaqa xinnoof jechas waliigalteen daldalaa hedduun diigamee jira.

Wal dhabdee silaa laafaatti hiikamu danda'uf jecha bultiin namoota baay'ee akka malee bitinnaa'ee jira.

Wantoonni "xixinnoo" jedhaman rakkina isaan fidan wayita ilaallu waanti hagasmara xinnoodha jedhamu kan hin jirre ta'uu isaa hubanna. Waanti xinnoodha jedhanii tuffatan jireenya keessatti booda gaaga'ama guddaa fida.

Xinnoos ta'u guddaa waan hundumaaf xiyyeeffannaa barbaachisaa ta'e kenni. Xinnoodha jettee hin tuffatiin. Qalbifadhu: Imala jireenyaa keessatti tarkaanfiin tokkoon tokkoon ishee gatii qabdi.

Garuu dhugaa isaa dubbachuuf yaalii xinnoo gooteen hunda irra

Scanned by CamScanner

caaluu hin dandeessu. Garuu immoo xixinnoodha waan jedhamtuf namni xiyyeeffannoo hin kennine gonfoo milkaawwii laafaatti mataa irratti hin qadaaddatu. Guyyaa guyyaatti waan danda'u nama hojjetu dhuma irratti injifannoon dhuftee hammattiin.

Faaruun jireenyaa xinnaafis guddaafis wayita xiyyeeffannaa gaariin kennamu mi'aawa.

Scanned by CamScanner

– 22 –

Dandeettii Waa Uumuu/Kalaquu

Wayita balballi tokko banamu kaan ni cufama.

Waa'ee durdurii arraagessa bishaan dheebootee ture tokkoo dhageessee jirta ta'a. Arraageessi kun utuu ganda tokko irra barrisuu okkotee/huubboo bishaan qabu tokko arga. Bishaanni okkoticha keessa jiru dhumuu jala ga'ee bantii keessaa mul'ata ture. Arraageessichi bu'ee bishaan kana dhuguuf utuu mala barbaaduu yaadni tokko dhufeef. Tokko tokkoon cirracha okkoticha keessa buusee wayita ol dhufu bishaanicha dhugee deeme jedhama. Daandiin ati galmakee ittiin ga'uu dandeessu lakkoofsa hin qabu. Rakkina tokkoof furmaatni garaagaraa hedduun kennamuu ni danda'a.

Rakkoolee jireenya keessa jiran caalaatti furmaatatu danata. Injifatamtoonni daandii yookiin furmaatuma tokkicha kennuu filatu. Mo'attoonni garuu rakkoolee isaan mudataniif fala haaraa, furmaata addaa kennuf ijibbaatu. Rakkina tokkoof filannoolee fala ta'an garaagaraa baay'inaan qabaachuun kee carraa ati furmaata hunda irra bu'a qabeessa jedhamu akka argattuuf sigargaara.

Injifatamaan "Maaliif?" wayita jedhu injifataan immoo "Maaliif hin ta'u?" jedha.

Scanned by CamScanner

Mo'ataan/Injifataan ijibbaata gochuu ittifufa malee gonkumaa harka isaa hin kennu. Wayita balballi tokko cufamu injifataan balbala banaa kan biraa battala ilaala. Yoo balbaloonni hundi cufamoo ta'an immoo foddaa banaa barbaadee gamasiin utaala.

Yaada haaraa uumuun bu'uura guddinaati.

Scanned by CamScanner

Bikila Geleta

– 23 –

Maallaqa

Namni makiinaa isaatti boba'aa bituuf maallaqa hin qabne bakka yaade ga'uu ni danda'aa?

Maallaqni dhiiga daldalaafi industirii hundumaati. Maallaqa malee jiraachuufi guddachuun hagasmara waan yaadamu miti. Mul'atni namoota hedduudhaa maallaqa qabaachuu dhabuun kan ka'e abjuu ta'ee hafee jira.

Qabsoo jireenyaa garaa duwwaa wal'aansoo ittiin qabne injifachuu hin dandeenyu. Dhugaa isaa dubbachuuf waa'ee maallaqaa dubbachuun gadhummaa miti. Jabaatanii hojjatanii ijibbaata ofiittiin maallaqa argachuun boonsaadha. Waanti balfamuu qabu waliin dha'uudhaan, gama biraatiinis karaa seeraala ta'een maallaqa argachuudha.

Dhuguma maallaqni waan hundumaa miti. Haa ta'u immoo malee meeshaa waraannaa qabsoo jireenyaa ittiin mo'uf barbaachisu keessaa isa tokkodha. Galmee jechootaa keessa yoo ilaalte maallaqa jecha jedhutu "milkaawwii" dursa.

Maallaqni siwajjin jannata hin galu. Garuu dachee irratti jireenya, jireenya jannata fakkaatu sijiraachisuu ni danda'a.

Scanned by CamScanner

– 24 –

Iriyaa Gaarii

Hindaaqqoo gidduu utuu jirtuu akka risaa barrisuu hin dandeessu.

Guddinni mukaa gosa ija isaa irratti hundaa'a. Kan dhaabame ija gaarii yoo ta'e mukichis gaarii ta'a. Haa ta'u malee, gosti biyyoo iji mukicha keessa dhaabamee, ifti aduu bakka sana jiraachuufi jiraachuu dhabuun, bishaanifi xaa'oon guddina mukichaatiif shoora taphatan ni qaban. Akkuma mata dureen boqonnaa kanaa agarsiisu "carraaqqii namni tokko guddinaaf akkasumas milkaawwiifi godhu irratti shoorri iriyaa," murteessaadha.

Namootni ati wajjin ooltu akkaataa ati itti yaaddufi hojjettu qaruu keessatti dhiibbaa ol'aanaa kan qaban ta'uun isaanii beekamaadha. Eenyummaakee murteessuu irratti iriyoonni kee iddoo guddaa qabu jechuudha.

Iriyaan ati wajjin yerookee dabarsitu amantii ati ofirratti qabdu, gammachuu kee, humnakee dandeettiikeefi kanneen kana fakkaatan daran jabeessuu yookiin busheessullee ni danda'a.

Namni ati bakka hojiittis ta'e bakka biraatti iriyummaaf filattu kufaatii yookiin immoo milkaawwiikeef shoora ol'aanaa kan taphatu ta'u isaa qalbifadhu. Eenyuyyuu iriyaa filatuun eenyummaan isaa beekama.

Namoota hariiroo hojii wajjin qabdu qalbifadhuu ilaali. Haasaafi gochaakeetiin of eeggadhu. Namoota corgoggee hooggayyuu waan jallaa yaadaniifi dadhabina namaa soqan adda baasiitii beeki.

Scanned by CamScanner

Kanneen dhadhabina namaa barbaadanii dadhabina hojii irratti mul'ateen nama cabsan caalaatti waanti hamlee busheessu hin jiru. Jireenya keessa injifannoon hulluuquu yoo barbaadde namoota dhuka namaa dhangalaasan wajjin iriyoomuufi gamtoomuun sitti haa hafu.

Waanti ati beekuu qabdu naannoon kee sardamsuu kufaatii yookiin milkaawwiikeetii dabaluu yookiin xinneessullee ni danda'a. Wayita namootni corgoggeen dhimma keeft hojiikee keessa seenanii sito'atan miirrikee tuqama ni danda'a. Waan ta'ef yaada qalbii isaanii ilaaliitii hubannoodhaan iriyoota filadhu. Namoota waan dansaa siif eda'uu danda'an wajjin iriyoom. Namoota waan gaarii yaadan, jireenyi isaanii abdiidhaan guutamefi fedhii guddaa qaban wajjin iriyoomuu yaali. Garaagarummaa jiru ni agarta.

Yoo iriyaa gaarii filatte caalaatti jireenya milkaawaa jiraatta.

Scanned by CamScanner

+ 25 +

Ayaata (Amala Gaarummaa)

Daandii milkaawwii irra ayaata (courtesy) malee deemuun balaaf nama saaxila.

Amalli gaariin zayitii yookiin giraasoo qaama makiinaa laaffisu wajjin wal fakkaata. Giraasoo yookiin zayitiin jiraatu malee qamni goggogee wal ciniinuudhaan makiinaan tasuma akka hin sochoone dhorkuu danda'a. Ayaatni xinnoo ishee rigata baay'ee hambifti. Yoo miillikee mucucaate kufuu dhabuu ni dandeessa. Yoo arrabni kee sigigaate garuu rakkoo uumamu daftee suphuu baay'ee rakkatta. Wayyaan qaamaaf, balleen immoo simbirroodhaaf akkuma ta'e ayaatni immoo uffata arrabaat. Motooriin gaarii ta'ullee makiinaan qaamni ishee jibbisiisaa ta'e gatii baay'ee hin baastu. Ayaatnis sadarkaafi yaada namni siif qabu ol fuudha. Makiinaalee babbareedoon gatii baasu, qaamni isaanii ijatti kan hin tolle immoo gatiidhaan ni rakasu. Namni ayaata hin qabne abaaboo/ilillii urgaa hin qabne wajjin wal fakkaata. Amala akka maallaqa waraqataatti yoo fudhanne ayaatni immoo akka saantimaat. Lamaantu wal ta'ee bittaafi gurgurtaan sirna qabsiisee hariiroon akka mijaa'u godha.

Bakka ayaatni jiru balbaloonni hundumti ni banamu. Namni *ayaata* hin beekne abadan jireenya isaatti hin milkaa'u. "Namni qummaaduu hin dandeenye suuqii banuu hin qabu," jedhu mitiiree.

Akkuma o'i gagaa baqsu ayaatnis onnee dhagaa cabsa. Ayaatni akka boraatii qilleensaan guutameet. Boraatichi waa qabaachuu dhabuu ni danda'a. Garuu immoo quuqaa jireenyaa irra aanee qananii nama

Scanned by CamScanner

gonfachiisa.

Qummaadi. Addunyaa fuula ifaadhaan dubbisi. Qummaaddiif gatii hin baaftu. Garuu gatii siif argamsiisa. Olmaan keenya akka dubbii afaan keenyaat. Gaatiin qummaaddiifi kaffalamu kan ellektirkiifi kaffalamu irra xinnoodha. Garuu ifa caalu kenna.

Ayaatni akka zeeroo herrega keessaati. Mataa isaatti hagasmara hiika hin qabu. Haa ta'u malee, hariiroo maamilootakee wajjin qabdu irratti safuu baay'ee dabala. Sibiilli diimaan (copper) haxaa'amaan caalaatti rakasa ta'uliee warqee dheedhii reefuu biyyoo keessaa ba'e caalaatti nama hawwata.

Scanned by CamScanner

– 26 –

Amala

Kitaaba milkaawwii keessatti, amanamummaan boqonnaa isa jalqabaati.

Taankariin (quullatni) boba'aa makiinaa uraa yoo qabaate makiinattiin ni dhaabatti. Maaliif? Sababiin isaa boba'aan silaa makiinattiin ittiin deemtu taankaricha keessa turuu hin danda'u. Haaluma wal fakkaatuun dadhabinni gama amalaatiin namni tokko qabus bakka galma isaa akka hin geenyeef ni dhorkaan. Namni amala gaarii hin qabne jireenya isaa keessatti kiisaaraatu isa eeggata. Amalli gaaddidduun irra buufate milkaawwii akka ija aduutti ifutti hin ba'u.

Namni soba jaallatu dhugaa dubbatullee hin amanamu. Warri gowoomsaa jaallatan dhuma irratti ni injifatamu. Amanamuu dhabuun waan gadheedha. Milkaa'uf, amanamummaan daandii isaa qajeelaafi amansiisaadha.

Amanamummaadhaan waa dalaguun gara jalqabaa irratti baay'ee bu'aa kan fidu fikkaatee mul'achuu dhabullee, daandii sobdootaa irra deemuun immoo gidiraa barabaraatti nama oofa.

Amanamaa ta'uu dhabuun abbichuma amanamaa ta'uu dhabe sana miidha. Waan godhe yeroo yaadu kijibdichi sammuu dhukkubsata. Namootni gonfoo injifannoo baatan kanneen biro hin gowoomsan. Waadaa baay'ee galanii waan waadaa galan kanniin gochuu dhabuu irra, waan xinnoo waadaa galanii ishee dhugoomsuu filatu.

Amanamaa ta'uu dhabuu irra amanamaa ta'utu gatii guddaa namaaf baasa.

Scanned by CamScanner

– 27 –

Hariiroo Namoota Waliinii

Allaattiin kophaa ishee samii irra ol fagaatte hin jirtu.

Walitti hirkachuun barbaahisaa miti jettee kan amantu yoo taate ammas itti yaadi. Gololleen tokko yoo ittii buqqa'e makiinaan maal akka taatu argitee beektaa?

Agartee, jireenyi wal xaxaadha. Kan nama cinqu jireenyi ulfaataa ta'uu isaa miti. kophaakee kan ittiin qabsooftu yoo ta'e balaa sitti fidu qaba. Dhalli namaa bineelda gamtaat. Kanaaf kophaa isaatti dagaaguu hin danda'u.

Namoota gosa sadiitu dachee irra jira. Maxannee, mataa isaa kan danda'aniifi kanneen deggeraniidha. Namni namoota kaanitti callisee hirkachuu barbaadu gonkumaa jireenya keessatti mo'ee hin ba'u. Namootni akkasii harka namoota kan biroo irra jiru. Warri of danda'ani immoo ni jiru. Isaan kunniin warra maxxantuu ta'an irra fooyyee kan qaban ta'anillee sadarkaan milkaawwii isaanii murtaa'aadha. Namootni injifattoota dhugaa ta'an immoo ni jiran. Gareen kunniin gamtaan hojjechuufi wal utubuutti amanu. Jabeenyi isaanii jecha "nu'i" jedhu irraa madda. Maxxantuu ta'uu hin fedhan, kophaa dhaabachuus hin hawwan. Kaan wajjin hiriiruudhaan kaayyoosaaniif hojjetu. Kun fakkeenya makiinaa seensa irratti kennineetiin wal hin fakkaatuu?

Gololee, taankariin bobaa'aafi wantoonni kaan wal utubanii makiinichi akka deemu kan godhan ta'un isaanii sin dinquu?


Walitti dhufeenyi nu'i namootaa wajjin qabnu bal'aa ta'ee iriyoonni

Scanned by CamScanner

keenyas yoo danatan qabsoo jireenyaa uffaataa jedhamullee injifannoodhaan keessa ni baana. Namootni kaan siwajjin barachuuf fedhii kan qaban erga ta'e meeshaan sitti ulfaatu hin jiru.

Namni kopha galeessi hooggayyuu meeshaa ulfaataa baata. Hawaasichaa wajjin quunnamtii hin qabu taanaan namni kophaa isaatti galma ga'uf humna qabu hin jiru. Namni kophaa isaa dhaabatu qaama du'aadha.

Kan jalaa isaan utuban baay'een waan jiraniif namootni tokko tokko bantiitti ol ba'u.



Scanned by CamScanner

– 28 –

Maamiloota Kee Kunuunsi

Firii isaa kan barbaadu mukicha bishaan obaasuu qaba.

Kan ati barbaaddu kaayyoon kee akka siif milkaa'uudha mitii? Asirratti, eenyummaan kee rakkina hin qabu. Milkaa'uuf daandiin inni qaxxaamurri tajaajila gaarii ati maamilee keef kennituudha. Jireenyi kee maamiloota keetti hirkatee jira.

Namni bitu hin jiru taanaan inni gurguru jiraachuu hin danda'u. Daldalaan milkaa'uu barbaadu tajaajila gaarii kennuu qaba.

Mukti akka madda oksijiinitti gama biraatiinis firii yookiin gaaddisa kan kennu yoo hin ta'in muramee gatama. Mukti dhala namaaf tajaajila tokkollee hin kennine ciramee irbata abiddaa ta'a.

Daldalaa meeshaa barbaachisaa ta'e dhiheessuu hin dandeenye wajjin maamilli quunnamtii qabaachuu barbaadu hin jiru. Daldalaan fedhii maamila isaatii guutuu hin dandeenye booda awwaala isaa qopheessa. Daldalaan fedhii isaa kophaa eegu kophaa isaa du'a. Lubbuu sitti horee kan sijiraachisu maamilakeet. Kan si'awwaalus maamiluma sitolche sinadha.

Tajaajilli dadhabaan maamilootakeef kennitu gara daandii jireenyaa milkaawaatti singeessu. Namni qananii maamilootaa hin eegine kamiyyuu qabeenyaa gaarii ol kaa'uu hin danda'u. Tajaajila kennitun yoo hin gammachisiin maamiloonni kee akkamitti ajaja kan biraa gamakeetti qajeelchuu?

Scanned by CamScanner

Namni xinneessee kennu xinnoo argata. Kan hammaree kennu immoo hammaarriidhaan argata. Karaa salphaan waa itti argatan waa kennuudha. Dambaliin galaanaa gamas deemus ni deebi'a.

Wayita urgooftuu maamilakee irratti biiftu atis foolii isaa ni urgeeffatta.

Scanned by CamScanner

– 29 –

Sadarkaa Irra Geesse Gamaaggamuu

Jijjirama yeroo yerootti agarsiiftu gamaaggamuu jechuun makiinaan kee kiiloo meetirii meeqa akka deemte saanduqa makiinaa kee irraa dubbisuu jechuudha. Saanduqi meetirii (mileage meter) makiinaakeetii kiiloomeetirii meeqa akka deemte wayita sitti himu ati immoo odeeffannoo kana irraa kaatee, bakka karoorfatte ga'uf kiiloo meetiriin meeqa akka siif hafe tilmaamta. Bakki ati deemtu kiiloo-meetirii meeqa akka fagaatu yoo hin beekiin yeroodhaan hin geessu. Haaluma wal fakkaatuu hojiin ati hojjettefi hojjechuuf kan sii hafe hammam akka ta'e yoo hin beekiin galmakee ga'un kee shakkisiisaadha.

Namootni jireenya isaanii keessatti kufanii hafan baay'een isaanii warra barbaachisummaa *to'annaa* hojii isaanii hin hubatiin hafaniidha. Waan hojjettu duukaa buutee ilaaluu, hordofufi keessa deebitees gamaaggamuu qabda. Ta'uu baatnaan garuu kan si'eeggatu kufaatiidha.

Waan faayidaa qabu hojjettee jirta taanaan jijjiiramni sochiikee irratti mul'ate miira "irra aantummaa" sikeessatti uuma. Hojiin ati hojjette kan karoorfattee gad yoo ta'e sirni maddallii kun akka ati tarkaanfii furmaataa ariifachiisaa ta'e fudhattu si'akeekkachiisa. Hordoffiin bifa kamiinuu hojiikeef utubaa gaariidha.

Waanti hordofamu hundumtuu ni madaalamaa. Waanti madaalamu immoo hojjetamuu waan danda'udha.

Scanned by CamScanner

– 30 –

Of Beeksiisuu

Waanti ijaan hin mul'atiin sammuu keessas jiraachuu hin danda'u.

Makiinaa dukkana keessa hin mul'anne balaatu irra ga'a. Namni hojiin isaa qaama dhimmichi ilaalu biratti beekamtii hin argannes bu'aa silaa akka irraa argamuf yaadame hin fidu. Kophaa ifaajuun ga'aa miti. Hojiitti kan jirtu ta'ukee ogummaadhaan beeksiis. Of beeksiisuu kee dhawaata sifayyada.

Ifaajjiin kee yoo hin beekamiin, waanti ati hojjettu galmee seenaa irratti barreeffamuu irra darbee waan siifidu hin qabu. Jireenyatti milkaa'uf waanti ati hojjettu sammuu namoota dhimmichi ilaaluu seenuu qaba.

Suuqii banuun waan salphaadha. Namootni gamakee dhufanii akka waa bitan gochuun hoo? Guutuummaa guutuutti kun dhimma kan biraadha. Maamiloonni kee suuqii kan bante ta'uukee yoo hin beekiin, atis immoo garakee dhufanii akka isaan waa sirraa bitan yoo hin godhin faayidaan suuqii banuu keetii maal?

Namni waa'ee mataa isaatii dubbachuu dhiisee callisu milkaawwii irraa of tiksa.

Sirrlitti of beeksiisuu isaaniitiin namootni yaalii xixinnoo godhan hedduun akka gaariitti milkaa'anii jiran. Yoo hin beekamiin waanti ati argattu hin jiru. Iyya yookiin gowoomsaadhaan utuu hin ta'in tooftaadhaan mataa kee beeksisuu qabda. Hunda dura waan gaarii hojjedhu. Uummatatti immoo himi.

Scanned by CamScanner

Ati barataa yoo taate waa'ee hojiikees ta'e rakkina kee barsiisootakee wajjin mari'adhu.

Biiroo keessaa hojjetta yoo ta'e muuxannoo kee hooggantoota keef hiri. Bakka wal ga'iifi qophiin wayii jirutti argami. Daldalaa yoo taate yeroo qabdu aarsaa godhiitii maamiloota kee wajjin waan tokko tokko mari'adhu. Mari'achuu keetiin nama guutuu taata malee wanti sitti hanqatu hin jiru.

Of beeksiis yookiin badi.

Scanned by CamScanner

– 31 –

Milkaawwii Faarsuu

Akkuma diinamoon baatirii makiinaa chaarjii godhu milkaawwii namaa faarsuunis caalaatti booree kakaasa, nama onnachiisas.

Milkaawwii faarsuun hamlee ijaara, dhiiga o'isa, laphee kee dhiibdee narviin kee akka dammaqu gochuudhaan haarummaan akka sitti dhagaa'amu godha. Namootni 'jabaadhu' jedhanii, of jajjabeessuu beekan ni jiru.

Milkaawwiin tokko ofuma isaatiin milkaawwii kan biraaf karaa saaqa, jireenyas ni gammachiisa. Injifattoonni dungoo injifannoo ol fuudhanii hooggayyuu o'a isaa qaammatu.

Milkaawwii faarsuu jechuun galma isa dhumaa bira ga'anii kaayyoo isa dhumaa kophaa leellisuu jechuu miti. Milkaawwii faarsuu jechuu galma isa guddaa bira ga'uuf fageenyi hafu dheeraa ta'ullee hojii isuma gartokkeen hojjetame leellisuu jechuudha.

Mi'eessitun nyaataaf, milkaawwii faarsuun immoo jireenyaaf.

Scanned by CamScanner

– 32 –

Fageessanii Ilaaluu

Birciqqoo duwwaa jechuun isa ammas fudhachuuf qophaa'eedha.

Jireenya keessatti mo'uf bu'aa ofii beekaa dabarsanii kennuun si'a tokko tokko barbaachisaadha. Nama meeshaa dhiheessitu yoo taate ajaja walirraa hin cinne akka sii keennanif jecha yeroo tokko tokko bu'aa kee hamma ta'e maamilootakeef ni dhiista. Yoo humna kee ol ta'e maamila kee dhabuu irra yoo ajaja argachuu dhabde wayya. Gara hariiroo hawaasaattillee yoo dhufte, iriyaakeettii adda ba'uu irra falmii isaa wajjin gootuuf yoo mo'amte wayya.

Si'a tokko tokko mo'amun dhuma irratti injifannoo akka sigonfachiisu qalbifattee beektaa? Injifannoo yeroo dheeraaf jecha takka takka yeroo gabaabaahaaf mo'amuu baruu qabda. Yeroo hundumaa waanuma xixinnoof jettee rincicuu irra taayidaa fuulduratti argachuu dandeessu yaadiitii beekaa harka kennuu bari. Yoom dhowwachuu yoom immoo kennuu akka qabdu beeki. Waanti hojjettu ogummaadhaan haa ta'u.

Dinagdee namoota kan biroo keessatti qooda hin qabdu taanaan ni darbatamta. Bu'aa kan qabdu ta'uukee wayita hubatan namootni sisimatu. Namni matuma isaa kophaa jaallatu kophaa du'a. Jireenyi addunyaa kennanii fudhachudha.

Fuulduratti abbaan injifannoo ta'uf si'a tokko tokko dabarsii kee kenni.

Scanned by CamScanner

– 33 –

Kufaatii Irraa Baruu

Namni dogoggora isaa irraa hin baranne irra deddeebi'ee dogoggora raaw'ata.

Hammafedhebeekumsayookiindandeettiiqabaattulleedogoggortee kufuun kee hin oolu. Naappoli'on qondaalichi waraanaa beekamaan Faransaay waraanoota irratti bobba'a harka sadii keessaa, tokkotti injifatameera. Namni dogoggoree dogoggorasaatiin kufaatiin isa hin mudanne hanga har'aatti hin dhalanne.

Dogoggora hojjettee kufuu keetiin miirri kee hin miidhamiin. Dogoggora hojjechuun kan jajjabeeffamu yoo hin taanellee dogoggora hojjetteen garmalee hin jeeqamiin. Wayita dogoggora hojjettu waa'ee dogoggora keetii yaadaa hireekee abaaruu irra dogoggora uumteefi balleessaa dalagde amaniitii kufaatiikee fudhadhu.

Dogoggora uumanii kufaatii ofitti fidan amanuu dhabuun dogoggora kan biraa irra nama buusa. Utuu argachuu qabduu waan hin argatiin hafte irraanfadhuutii gara daandii milkaawwiitti deebi'uuf waan hafe irratti xiyyeeffadhu.

Qajeelfama jireenyaa kana qalbifadhu. Jiraadhu, baradhu, sochii kee itti fufi. Milkaawwii jechuun dogoggoruu dhabuu jechuu utuu hin ta'iin dogoggora ofii irraa baruu dhabuu jechuudha. Dogoggorri jufunfulummaa miti. Dogoggora ofii irraa baruu dhabuun garuu jufunfulummaa godhudha. Dogoggorakee fudhachuuf kutataa, bu'aa irraa argachuufi qaroofi jabaa, sirreessuuf immoo abshaala ta'uu

Scanned by CamScanner

qabda. Deebisanii sirriitti jalqabuuf dogoggorri carraa gaariidha. Waanta milkaawwii keenya irraa barachuu hin dandeenye baay'ee isaa dogoggora keenya irraa baranna.

Umurii hojii jalqabuuf jettutti dogoggora xinnoo xinnoo hojjechuun kee gara duubaa irratti bu'aa baay'ee siif qaba. Yeroon gati-jabeessi gonkumaa dogoggoruu dhabuu keessa utuu hin ta'in adaduma dogoggoraniin waan haaraa barachuu keessa jira. Dogoggoraafi kufaatii akka haadhoo barnotaafi ogummaatti ilaali.

Adaduma kuftuun waa lafaa fuudhii ka'i.

Scanned by CamScanner

Mataa Kee Mararfachu

Dungoon kallattii lamaan qabsiifame umuriin walakkaatti gabaabbata.

Hanqaaquun ziqeeyyummaa qabu (warqee/golden egg) gatii guddaa waan baasuuf barbaachisaadha. Hanqaaqucha/buphicha kan buusu ishee malee kan biraan waan hin jireef lukkuun hanqaaqucha buustu immoo caalaatti barbaachistuudha.

Bupnichaaf xiyyeeffannaa kenninee, jechuun milkaawwii faarsinee mataa keenya yoo daganne rakkoo guddaatu nu quunnama.

Seerri uumamaa akkasi: "Waanti xiyyeeffannaan kennamef ni dagaaga. Waanti dagatame garuu ni coolliga."

Yoo mataa keenya daganne ni badna. Jireenya keessatti mo'uf injifannicha caalaatti namicha isa injifannoo fidetu barbaachisa. Sababiin isaa injifannoon abbicha injifannicha fide malee yaadamuu hin danda'u. Haa ta'u malee mo'uu yookiin milkaawwiif ga'uu caalaatti kaayyoon jireenyaa bal'aadha.

Kaayyoo galma isaa ga'e, tokkoon tokkoon isaa gamaaggamuun waan gaariidha. Karuma siif ta'en ijibbaadhuutii galma kee ga'i. Garuu immoo fayyaakeefi qaamakee gaaga'ama irra buusuu irraa of tiksi. Mataa kee jaaladhu. Kabajaas ofiif kenni.

Yeroon ati qabdu gabaabaa ta'ee hojiin kan sitti baay'atu yoo ta'ellee yeroodhuma dhiphaa ta'e kana keessaa qooddadhuutii bashannani. Ati nama ulfina qabdu waan taateef of mararfadhu.

Bashannan! Bashannan! Hojjechaa bashaannanuu bari!

Scanned by CamScanner

– 35 –

Ilaalcha Gaarii/Qajeelaa

Injifannoon bu'aa qalbifannaa sammuuti!

Qabsoo jireenyaa injifachuuf shoorri ilaalchaa jechuun ilaalcha gaarii murteessaadha. Ilaalchi keenya beekumsa keenya caalaasa dandeettii maallaqaafi wantoota fafakkaataa qabaatee, gama biraatiin garuu ilaalchi gaariin isa hanqata taanaan imalli jireenya isaatii gumcun kan itti danate ta'a.

Ilaalcha jechuun haala nu'i waan numudate tokkoof deebii itti kenninu jechuudha. Waanta namni tokko argate utuu hin ta'in akkaataadhuma jireenya mataa isaa itti hubatantu qalbii namaa irratii garaagarummaa uuma. Ilaalchi namaa gaannamaa gara jannataatti, jannatas immoo gara gaannamaatti geeddaruu ni danda'a.

Yoo namni tokko cuubee sitti darbate cuubicha kallattii lamaan qabuu dandeessa: Gama qara isaatiin yookiin immoo gama qabannoo isaatiin kamiin filatta? Carraan kee yoo "dhagaa" siif kennite, dhagichaan riqicha yookiin gidaaraa/keenyan ijaaruun filannookeet.

Waan hundummaaf filannoolee lamatu jira. Waan hojjettu balleessuu yookiin immoo haala jiru gara carraa gaariitti jijjiirtee daran itti fayyadamuu.

Haalli ati keessa jirtu jireenya kee irratti dhiibbaa cimaa uuma. Garuu immoo kallattii kee kan murteessu haala keessa jirtu kanaaf deebii ati kennituudha.

Scanned by CamScanner

Waanti fedhe simudatus haala keessa jirtu bareechuu yoo baatte immoo caalaatti balleessitee gara kufaatiitti qajeelta.

Jireenya kee jijjiiruuf ilaalcha jireenyaaf qabdu tolchi. Jireenyakee qajeelchuu yookiin jeequu ni dandeessa. Filannoon keet.

Fageenyi waaqaaf lafa gidduu jiru dhimma fageenyaa utuu hin ta'in, waa'ee ilaalchaati.

Scanned by CamScanner

– 36 –

Kaayyoo ofii Keessa Deebi'anii Ilaaluu

Namootni yaada namaa fudhatan ni mo'u, kanneen rincican garuu ni injifatamu.

Nama qoricha haaraa hin soqne Seexana haaraatu eeggataan. Jireenya keessatti kaayyoo qabaachuun barbaachisaadha. Jijjiirama mul'ates yeroo yerootti gamaaggamuun murteessaadha. Rakkinni baay'ee keenyaa kaayyoon keenya guddaa ta'ee galma yaaʼne bira ga'uu dadhabuu keenya utuu hin ta'in, waanuma karoorfanne keessa deebine ilaaluudhan jijjiirama naannoo keenyatti mul'ate wajjin akka wal simu gochuu dhabuu keenyadha.

Addunyaan keessa jirru kun jijjiiramni ishee si'ataadha. Guyyuu jijijjiiramti. Humni, fedhiifi hawwiin keenyas yeroo wajjin jijjiiramaa adeema. Waanti nu'i akka kaayyoo jireenya keenyaatti keenye har'a salphaa bori immoo ulfaataa ta'uu danda'a. Sababa kanaaf kaayyoo sana galmaan ga'uf fedhii qabaachuu dhabuu ni dandeessa. Waan ta'eef kaayyoo galmaan ga'uuf yeroo yerootti keessa deebi'ani xiinxaluun barbachisaadha. Namni kaayyoo isaa yeroo yeroo dhaan keessa deddeebi'ee gamaaggamu galma isaa kan ga'u ta'uu isaa shakkuu hin qabu. Jijjiirama agarsiisuun kophaa isaatti ga'aa miti. Jijjiiramni mul'ate kallattii sirrii irra jiramoo kallattii irraa maqee jira kan jedhu adda baafachuu barbaachisa. Imala jireenyaa keessatti daandiin ati qaxxaamurtee darbuu hin dandeenye yoo siquunnamee mallattoo "U" kanaan kallattii kee geeddariitii imala kee ittifufi. Waanti ati karoorfatte tokko karaa ati yaaddeen hin hojjetamu

Scanned by CamScanner

taanaan mala sihojjechiisuu danda'u kan biraa barbaadi. Gonkumaa waan hojjetamu danda'u yoo hin ta'in immoo waan biraa yaali.

Carraan hooggayyuu ooftuu doonii isa akka haala qilleensichaatti kallattii isaa jijiyjiiraa deemu cinaa jirti.

Scanned by CamScanner

Yeroo Hundumaa Fooyya'aa Adeemuu

Milkaawwiin biskiliittii akka oofuuti. Fuulduratti garma kee gulufuu ittifufta yookiin ni kufta.

Waanti kaleessa rakkina keef furmaata ta'e har'a xinnoodhuma ishee kan gargaaru ta'ee bor immoo faayidaa kan hin qabne ta'uu ni danda'a.

Addunyaan garmalee jijjiiramuutti jirti. Fuulduratti daran jijjiiramaa akka deemtu hin shakkisiisu. Waanti har'a "ogummaa" fakkaatu bor akka "gowwummaatti" fudhatamuu ni danda'a. Jijjiirama wal irraa hin cinneen rakkina dhufu maqsuf malli inni guddaan waan hojjetanis utuu wal irraa hin kutiin fooyyessuudha. Warri hojii isaanii guyyaa guyyaatti fooyyessaa hin deemne duubatti hafu.

Beekumsa, oomisha, tajaajilaafi sirna hojiikee itti hojjettu yeroo yerootti fooyyessaa hin deemtu taanaan dorgomtoonni kee salphaatti si injifachuu kan danda'an ta'uu isaanii beeki. "Daandii sirrii" irra kan jirtu taatu illee fooyyessuu itti hin fuftu taanaan si'attoonni sirra ejjetanii darbuu danda'u.

Hubadhu: *Iccitiin jireenyaa waan hojjetan utuu wal irraa hin kutiin fooyyessaa deemuudha.*

Waanti tokko har'a gaarii yoo ta'e boris akkuma sanatti ittifufa jettee hin yaadiin. Bineensi akka mana kee hin seenneef dallaan kee jabaa ta'uu isaa yeroo hundumaa ilaali. Waan har'a hojjechuutti jirtu caalaatti boris yeroo hojjettu dachee kana irra jireenya dhugaa jiraatta.

Scanned by CamScanner

Waan dansaa hojjedheen jira jettee yeroo yaaddu, ammas caalaatti waan gaarii hojjechuu kan dandeessu ta'uu kee qalbifadhu.

Scanned by CamScanner

– 38 –

Gantoota Irraa Ofi Eeggadhu

Yeroo hundumaa ta'uu dhabus si'a tokko tokko namni diina mataa isaatii isa gadhichadha.

Jeneraalonnifi loltoonni waraanatti beekamoo ta'an baay'een dirree waraanaa irratti kan isaan injifataman dandeettiifi booreen isaan hanqatee utuu hin ta'in sababa loltuu gaantuu raayyicha keessa suuqamanii jiraniin ta'uu isaa seenaan ni hubachiisa.

Loltuu gantuun tokkittiin ishee illee raayyaan waraana guddaan akka injifatamu gochuu ni dandeessi. Hundumti keenya amala gadhooftuu akka gantuudhaa akka injifatamnu nu gootu wayii qabaachuu hin dhabnu. Amalli gadhooftuun kun nu dadhabsiifti, karaa irraa nu maqistis. Sababa kanaan humna keenya guutuu hin fayyadamiin hafna. Ani amaloota nu danqan kanniiniin "gantuu" jedheen waama.

Loltoota jajjaboo qabaachuun injifannoo amansiisaa hin gonfachiisu. Gantuun tokko yoo keessa jiraatte garuu dirree kamittillee mirga argachuun waan yaadamu miti. Waan tokkotti mo'amuu keenyaaf sababoota dhibba lakkaa'uu ni dandeenya. Sababoonni kunniin garuu irra jireessi isaanii matuma keenyaan kan uumamaniidha. Qabsoo jireenyaa yoo mo'uu barbaadde gantuu siwajjin yookiin sikeessa jirtu beekiitii to'annookee jala galchin.

Namoota ifaajjii isaaniitiin nama of godhan irra, namoota hiree isaanii balleessantu addunyaa kana irra baay'ata.

Scanned by CamScanner

– 39 –

Dhibaa'ummaa (Maslufummaa)

Dhibaa'ummaan amala godhicha raayyaan waraanaa hedduun akka mo'aman godhedha. Milkaawwii jireenyaatiif amaloota diina jedhaman gidduudhaa tokko waan silaa har'uma hojjetamuu qabu borin hojjedha jedhanii guyyaa biraatiif bulchuudha. Namoota qaama isaanii caalaatti sammuu isaaniitu dhibaa'adha. Namootni taa'anii doonittiin hanga isaan bira geessutti eegan, xinnoodhuma isheelle bidiruu gara doonittiitti hin moqan. Namootni taa'aniidhuma milkaawwii eegan dhuma irratti kan isaan qaqqabu injifatamuudha. Dhibaa'ummaan si'aayina lafa irra waan harkiftuf kufaatiin daftee bira gessee irra aanti.

Hojii boriif bulchuun gonkumaa waan gaarii miti. Utuu xalayaan waraqataa dafee bakka dhimmaa ni ga'a ta'eetii silaa bilbilli hin uumamu ture. Dhibaa'un kufaatii afeera. Waan sila har'a hojjechuu qabdu boriif bulchuunifi lafarra immoo butuun yeroo ajjeessuu kophaa miti. Kana caalaatti gadheedha. Of fannisuudha.

Hojiin haa bulu jedhame duubatti harkifame carraa silaa argamee turetti namni akka hin fayyadamne gochuu wajjin wal qixxeedha. Injifattoonni waan har'a dalaguu qaban guyyaa biroof dabarsanii irriba nagaa hin rafan. Milkaawwiif tarkaanfiin jalqabaa of onnachiisuudha.

Namootni dhibaa'oon akka simbirroo gobla maleessaat.
Barabaraaf bakkuma jiranitti hafu.

Scanned by CamScanner

– 40 –

Sodaa

Kufinnaa jedhanii sodaachuun matuma isaatti kufaatiif abbaadha.

Sodaan hurrii fullee makiinaa irra buufate fakkaata. Namni sodaa guddaa keessa gale daandii makiinaa sirriitti hin argu. Sababa kanaan namni sun dafee hin deemu yookiin immoo tasuma isaayyuu hin deemu. Haalli kun immoo akka inni dafee galma isaa hin geenye dhorkaan.

Sodaan kee guddaadha taanaan "ibsaa hurrii keessa sidabarsitu" ibsuuf yeroon isaa amma. Sodaa kee ragaa qabatamaa irratti hundaa'itii xiinxali. Yaaduma sodaattamoo waan dhugaadhaan sisodaachisutu jira? Sababa qabda yoo ta'e balaan akka sin qaqqabnef of eeggannaa barbaachisaa ta'e godhi. Haa ta'u malee sodaan kee sababa maleessa taanaan humna haaraadhaan gara galmakeetti arreedi.

Sodaan mataa isaatti sodaatamuu hin qabu. Namiyyuu waan sodaatu tokko tokko qabaachuu hin dhabu. Balaa sirra ga'uu danda'u irraa waan sitiksuf, hamma tokko garuu sodaan barbaachisaadha. Gadhummaan sodaadhaa yeroo baay'atuudha. Asirratti, waan tokko hubachuun barbaahisaadha. Gootummaa jechuun waa sodaachuu dhabuu utuu hin ta'in dandeettii sodaa irra aanuut.

Sodaan qabatamaa hin ta'in waanti sodaatame sun akka nama irra ga'u yookiin akka nama qaqqabu godha. Balaan sodaa namatti uumuu ni danda'a. Sodaan sababa hin qabne garuu balaa caalu

Scanned by CamScanner

namatti fida.

Hubadhu: Sodaa daandii kee irraa maqsuf doktariin sicaalu hin jiru. Waan baay'istee sodaattu hojjedhu. Sodaan kee sirraa godaana.

Malli ati soda itti injifattu sodaa fuulumatti jifachuudha.

Scanned by CamScanner

– 41 –

Utuu Baay'ee Itti Hin Yaadiin Waa Hojjechuu

Utuu itti hin yaadiin waa hojjechuu jechuun ija jundunfataniii makiinaa oofuu jechuudha. Xiyyeeffannaan ga'aa ta'e kenna yuu dhabuu isaatiin kan ka'e rakkoolee hedduun furmaata hin argatiin hafu. Utuu itti hin yaadiin hojjechuun kallattii injifannootti utuu hin ta'in gara kufaatiitti si'oofuu danda'a.

"Wayita rakkinichi naquunnamun haala isa ilaala" isa jettu dhaabi. Waan sifayyadu hin qabu. Dogoggorri xinnoon suphaa sadarkaa ol'aanaatiif nama saaxila. Ifaajjiikee hundumaa busheessuu ni danda'a. Miidhaa beekumsa qabaachuu dhabun fidu caalaatti miidhaa dhilbummaan fidutu caala.

Carraa ati milkaa'uf qabdu akka hin danqinetti jecha "akka tasaa" jedhu galmee kee keessaa haqi.

Of eeggannaa godhi. Si baachuu kan daanda'u ta'uu isaa utuu hin mirkaneessin riqicha irra hin ejjetin. Shufeerii of eeggataan wayita hadiida baaburaa bira ga'u daqiiqaa tokko obsee erga baaburri darbe booda hadiidicha qaxxaamuree qajeela. Shufeerii ariifataa, dhilbeen garuu utuu bitaafi mirga hin ilaalin sardama hadiida irra ba'e barabaraaf dachee kana irraa godaana. Yaadakee guutuudhaan ijibbaata goota taanaan akkuma aarri karaa bahiisaa hin dhabne atis daandii bu'aa ha'ii jireenyaa jalaa itti miliqxu hin dhabdu.

Of eeggannaadhaan oofi. Jireenyi lama hin jirtu.

Scanned by CamScanner

– 42 –

Miira Gad aantummaa

Namaa gaditti of ilaaluu jechuun tulluu kufaatii ofirratti ijaaruu jechuudha.

Miira gad aantummaa jechuun akka gololleelgommaa makiinaa qilleensa ga'aa hin qabnee ta'uu jechuudha.

Gololleee keessa qilleensi ga'aan hin jiru taanaan makiinattiin sirriitti deemuu hin dandeessu. Miirri gad aantummaa namni dandeettii isaa akka shakku godha. Amantii inni ofirratti qabus keessaa duguugee balleessa. Namootni ofirratti amantii hin qabne jireenya isaanii keessatti milkaa'uu baay'ee rakkatu.

Mataa ofiif kabajaa kennuu dhabuun rakkina hamtuu namatti uuma. Namni miira gad aantummaa qabu, kallattii hundumatiin gaaga'ama. Gama fayyaa, ogummaa, barnootaafi kanneen fakkaataniin illee jireenyi isaa salphaatti hin qajeeluf.

Namni mataa isaa wajjin gammachuu hin qabne namoota kan biroo wajjin gammachuu ni qabaata jechuun kijiba.

Yoo ati matumakeetiin namaa gad of goote malee namni namaa gad sigochuu danda'u kan hin jirre ta'uu isaa beekuu qabda. Matumakee ta'i. Gonkumaa namaa gad of hin godhiin. Ofirratti amantii qabaadhu. Mataa kee jaallachuu bari. Mataakeef nama gaarii ta'i. Nama qajeelaa, kaanifis dhiifama gochuu nama beeku ta'i. Yoo ati mataakeef kabajaa hin kennin kan ulfina siif kennu hin jiru. Wayita of kabajju kan si'argu si kabaja.

Of mararfachuun, of onnachiisuuf bu'uura. Namni waa hojjechuuf

Scanned by CamScanner

hooggayyuu kaka'umsa qabu immoo jireenyi baay'ee milkaa'aaf. Namootni of mararfatan jireenya isaaniitti irriitti dhimma ba'u; waan dansaas dalagu. Akkaataan namni tokko mataa isaa itti ilaalutu milkaawwii jireenya isaa bareecha yookiin balleessa. Hunda irra garuu of tuuluun waan fokkisaadha.

Wayita of mararfattu waanti gaariin sikeessatti ta'uu eegala.

Scanned by CamScanner

– 43 –

Miira Ol'aantummaa

Addunyaa kana irratti namni keessi isaa duwwaan nama ol'aantummaan itti dhagaa'amuudha.

Miirri ol'aantummaa gololee makiinaa qilleensi garmalee guutee bokoke wajjin wal fakkaata. Miirri ol aantummaa faallaa gad aantummaati.

Qilleensi yoo garmalee gololee guute gololeen dho'ee imalli taaggoluu/gufachuu danda'a. Namni ol aantummaan itti dhagaa'amu hunda irra anatu caala jedhee yaada. Namni akkasii waanti inni hojjetu hooggoyyuu akka waan sirrii ta'etti yaada. Dogoggora uumamu maraaf immoo namoota kaan balaaleeffata. Namni kun yaadumaafi ilaalcha isaa qofa nama irratti fe'uu barbaada. Namni akkasii akka arraageessa isa yeroo hundumaa aduun ganama ganama karaa bahaatiin kan baatu iyyuma isaa dhaaggeffachuuf itti fakkaatee yaaduuti.

Namni of tuulaan ilaalchi inni kaanif qabu dadhabaa waan ta'eef namootni irraa fagaachuu filatu. Haalli kun immoo hariiroo nagaa inni namootaa wajjin qabu irratti miidhaa uumuun isaanii waan hin oolleef namni kun utuu hin jaallatiin gara kufaatiitti qajeela.

Namni ol'aantummaan itti dhagaa'amu boolla seenuutti kan jiru ta'ullee tulluu dheeraatti ol ba'utti kan jiru itti fakkaata. Adaduma ol'aantummaadhaan caalaatti bokokaa deemtu carraan ati jireenyatti milkaa'uf qabdu immoo xinnaachaa adeema.

Scanned by CamScanner

Baaburri akka deemu kan godhu piinoo (xurumbaa) isaa miti. Sibiilli keessi isaa duwwaa, sibiila duudaa caalaatti iyya. Of faarsuun yookiin ofjajuun namoota kan biroo biratti hin jaallatamu. Hidhaan ilillii abaaboo namni tokko ofuma isaa yookiin matuma isaaf kennu kaan biratti akka bissii araamaatti ilaalama.

Kaan irra qaroomi. Garuu gonkumaa qaroomakeen hin dhaadatiin. Ol aantummaa gonfadhu. Ol'aantummaa kee immoo akka sa'atii bara durii kiisii kee keessa dhoksi malee naaf ilaalaa hin jedhin. Yeroo barbaddu itti fayyadam. Kana irra darbitee garuu ittiin of hin bokoksiin.

Ol aantummaa qabaadhu. Garuu ittiin of hin tuuliin.

Scanned by CamScanner

– 44 –

Aarii

Aarii jechuun aksilireetarii tuttuqanii makiinaan garmalee sagalee akka dhageesistu gochuudha. Boba'aa baay'een akka gubatu gochuu gamatti qaamni makiinattii tokko tokkos akka miidhamu godha. Aariinis dhala namaatti rakkina wal fakkaatu fida. Aariin namoota kan biroo wajjin akka walitti buunu gochuu irra darbee humna keenya fixa, orgaanonni tokko tokkos akka miidhamaniif sababa ta'a. Akkuma si'a tokko tokko aksilareetarii makiinaa tuttuquun gadhee hin taane, aariin hundumti gadhee miti. Hojiilee tokko tokko galmaan ga'uuf bakki aariin itti barbaachisu ni jira. Dheekkamsi jiraachuun xiyyeeffannaafi sardamsuu dabaluu ni danda'a. Aarii baay'isuun garuu faayidaa irra miidhaa guddaa fiduu kan danda'u ta'uun isaa hubatamuu qaba.

Aarii jabaan maraatummaa wajjin wal fakkaata. Namootni yeroo hundumaa aariidhaan utaalan bakka hin taanetti kufu. Aariin akka maraatuu nama godhullee booda irra garuu ni gaabbisiisa. Sibiila, o'aa isaatti haleeluun akka barbaadanitti tottolchuuf nama gargaaruu ni danda'a. Sammuu o'ee jiru tuttuquun garuu ogummaa miti.

Sababa qabatamaa ta'eef, nama itti aaruu qabdutti, haala sadarkaa isaa eegeen yeroo qajeelaa ta'etti aari. Aariikee futtaafachuukee dursiitii jette jettee yookiin immoo ta'innaa laata tilmaama jedhuun utuu hin ta'iin miirrikee ragaa qabatamaa irratti hundaa'ee deebii kennuuf kan jedhu ta'uu isaa mirkaneeffadhu. Aariin kee yookiin

Scanned by CamScanner

miirrikee akka si to'atuuf utuu hin ta'iin ati aariikee to'achuuf ijibbaadhu. Aariikee irraa daran bu'aa gaarii ta'e argachuuf akkasumas kaayyoo jireenyaa ijaaruuf itti fayyadan.

Aariikee akka meeshaa ibidda dhaamsituu yeroo barbaachisaa ta'e kophaa dhimma itti ba'i.

Scanned by CamScanner

– 45 –

Cinqii/Dhiphina

Awwaara facaasuun akkuma faayidaa hin qabne dhiphinnis bu'aa hin qabu.

Dhiphinni rigata (friction) daandii makiinaa wajjin wal fakkaata. Rigatni makiinaan akka socho'u gochuudhaaf barbaachisaadha. Garuu yoo baay'ate gololleen makiinaa nyaatamee akka dhumu godha. Adaduma rigatni daandii dabalaa adeemun immoo humni makiinaa sochoosuf barbaachisus caalaatti dabalaa adeema. Haaluma wal fakkaatun galma ofii ga'uuf dhiphinnis hamma tokko ni gargaara. Rakkoofi balaa fuulduratti mudachuu danda'u irraa of eeguuf nama dammaqsa.

Dhiphinni yoo baay'ate garuu faayidaa kan hin qabne ta'uu isaa irra, miidhaa nama irraan ga'a. Namni baay'ee dhiphata yoo ta'e rakkinuma xinnootu tulluu dheeraa fakkaatee itti mul'ata. Kanneen tulluu cinqii/dhiphinaa wajjin jiraatan immoo oolanii bulanii kufaatii gara qe'ee isaaniitti afeeruun isaanii waan hafu miti.

Silaawoo jireenyi gololleee duubatti ishee deebisu hin qabdu waa'ee waan yeroo darbee maliif dhiphatta? Waan yeroo tare dogoggorame duubatti deebi'ee sirreessuu kan danda'u tokkollee hin jiru. Roobni erga caamee booda dibaabee bananii qabachuun maal fayyada? Waa'ee isa fulduraawoo maaliif yaaddofta? Utuudhuma hin madaa'iin akka nama madaan qaama irra jiruu gadooduun shaakala bu'aa hin qabneedha. Fuulduratti ta'uu danda'innaa jedhanii sodaachuun guyyaa har'aa bilaashatti balleessuudha. Waa'ee isa

Scanned by CamScanner

fuulduraa dhiphachuun rakkoon silaa uumamu malu akka hin uumamne dhorkuu hin danda'u. Garagalchii rakkina sodaatame sana fiduu danda'a. Boriif dhiphachuu irra guyyaa boriitiif har'a qophaa'utu bayeessa.

Namni waan gochuu yookiin hojjechuu hin dandenye tokkoof cinqamuu isaa hiika hin qabu. Kan wayyu isa darbe irraa baratanii isa fuulduratti dhufuu danda'uf immoo qophaa'anii eguudha.

Akka abaaboo/ ilillii suufii ta'i. Guyyaa duumeessi buufatuttillee bahiisa aduu abdiidhaan eeggadhu.

Scanned by CamScanner

– 46 –

Jarjartii

Makiinaa sardamsuu barbaachisuu olitti oofuuniifi jarjartiidhaan waa hojjechuun wal fakkeenya qaba. Sardamsuudhaan oofuun qaamni makiinaa akka miidhamu gochuusaatiin gamatti makiinicha to'achuufillee haala rakkisaa uuma. Kunis balaaf sababa ta'a. Jarjartiin immoo dogoggora caalu irra nama buusa. Yoo shaamaa kallatti lamaaniin qabsiifte umurii walakkaatti gabaabsita.

Jarjartii yeroo barbaachisaa ta'e kophaa fayyadamuu qabda. Ta'uu baatnaan garuu yeroo gabaabaa booda dhaqdhaqii keessaa ba'uu hin dandeenye keessa sibuusuu danda'a.

Raastus iji isaa waa hin harcaaneef muka iji isaa hin bilchaatiin raasuun faayidaa hin qabu. Jarjartii caalaatti galmi jireenyaa fagoodha. Tasuma dhiisuu irra immoo barfachuullee wayya. Suuta kan deemu garuu immoo nama imala isaa addaan hin kutnetu qabsoo jireenyaa mo'a mitiiree?

Namni hooggayyuu jarjaru sirriitti waa qalbifachuu hin danda'u. Ilaalchi isaas hin qajeelu. Wayita ariifannu salphaatti gufuun dha'ee nu kuffisa. Baay'ee hin dhiphatiin. Baay'ees hin jarjariin. Suuta hojjedhu. Garuu immoo ijibbaata kee addaan hin kutiin.

Scanned by CamScanner

– 47 –

Hojii Ofitti Quufanii Jijjiirama Caaluuf Ijibbaachuu Dhabuu

Hojii ofiitti quufanii jijjiirama caaluuf ijibbaachuu dhabuun utuu deemuutti jiranii motoorii makiinaa dhaamsuu jechuudha.

Namootni tokko tokko waan yaadan tokko akka tasaa erga argatan booda, waan isa duraa caalu argachuuf yaalii kan biraa hin godhan. Waan caalu argachuuf ijibbaachuun namoota kanniiniif gowwummaadha.

Waan argatan tokkotti booharanii bu'aa caaluuf ijibbaachuu dhabuun sammuu doomsa. Hojii ofiitti quufanii kan caaluuf ijibbaachuu dhabuuniifi bu'aa hojii ofiitti gammaduun garaagarummaa qaba. Waan hojjetan tokkotti quufanii isa boodatti akka waan addunyaan hin jireetti yaaduun boolla itti awwalaman ofiif qotachuudha. Jireenyi fedhiin guddinaa keessa hin jirre nuffisiisaadha. Owwaatni gammachuu gama kee kan dhufu yoo ati sagalee hawwii guddaa dhageesiifteedha.

Dhalli namaa waan faayidaa qabu tokko hojjechuuf wayita carraaqqii godhu lubbuun isaa ni gammaddi. Namni waanuma xinnoo tokko hojjetee booharuu gammachuu fullaa'inaa hin gonfatu. Jireenyi qabsoo wal irraa hin cinneedha malee falmii jireenyaa bakka tokko ga'ee dhaabatu miti.

Teessee waan dhufu hin eeggatiin. Waan feetu argachuuf qabsaa'i. Namni daran akka dhama'u kan isa godhu fedhii inni guddachuuf qabuudha. Namni guddachuuf ifaajee kufe hin jiru. Jireenya kee fooyyessuuf yaalii gochuu keetiin bu'aan ati argattu inni guddaan gammachuufi boohartiidha.

Scanned by CamScanner

– 48 –

Hireen Kiyya Dursee Murtaa'ee Jira Jedhanii Amanuu

Waaqayyoo simbirroota maraaf nyaata isaanii qopheessee jira. Garuu soorata kana afaan isaan hin kaa'u.

Hireetti amanuu jechuun gabbinaa makiinaa seenanii bakka shufeeriin taa'u erga dhuunfatan booda bakka yaadan deemuuf namni kan biraan hanga makiinattii dhiibuutti callisanii eeguu jechuudha. Hireen namaa dursee kan murtaa'eedha jedhanii amanun raaga/raajii jireenyaaf hin fayyadneedha. Carraan hooggayyuu faallaa nama taa'ee ishee eeggatu kan deemtu fakkaatti.

Namni hiree ganamaatti amanu hagasmara horgoggee (puppet) irra adda miti. Foncaa hireetiin waan hidhameef salphaatti hidhaa isaa hin hiikkatu.

Hireetti amanun namni tokko akka waanta gargaaraa hin qabneetti akka of ilaalu gochuu isaa irra jireenyis abdii maleessa itti taati.

Waaqayyo sababa qabatamaatti akka amanuuf nama addatti uume. Waan fedhe filachuu, isa filate immoo akka ittiin jiraatuf uumeen. Hojimaata qajeelaadhaan walabummaa kee daangaa kee keessatti ittiin gammadi.


Rabbi warra of gargaaran ni gargaara. Namiyyuu maandisa jireenyasaati. Hiree gaariin taa'anii kan eeggatan utuu hin ta'in ifaajani bira kan ga'aniidha. Waaqonni Hiree, namoota hojjetaniif loogu. Carraa gaarii waan jedhamu karoora kee keessa hin galchiin. Hojiidhaan carraa gaariin na qaqqaba yoo jette garuu jabaadhu.

Scanned by CamScanner

Amantii teessee hiree eeguu karorakee keessaa yoo haqxe, carraan ati jireenyakeetti milkaa'uf qabdu ni dabala.

Uumaan buddeen guyyaa guyyaatti nu barbaachisuuf ciicata (input) nuuf kenna. Garuu buddeenicha nuuf hin tolchu. Nu'i qaqqajeelchinu malee jreenyi ofuma isaatiin mimmijaa'ee hin dhufu. Kamiin filanna? Teenyee waan dhufu fudhachuumoo waan fedhnu ofii keenyaa barbaaduu?

Hiree nama tokkoo kan murteessu filannoodha malee carraa miti.



Scanned by CamScanner

GUDUNFITUU

Jireenyakeef ittigaafatamummaa fudhadhu.

Maandiisa hireekeetii, kunuunsiituu jireenyakeetii ta'i.

Namootni baay'een jireenya isaanii keessatti waanti raajiin hanga uumamutti eeguu barbaadu.

"Gaaf tokko waanti dinqiin tokko ta'ee jireenyi koo ni jijjiirama," yookiin "tarii hireen koo ni jijjiirama" jedhanii yaadu. Garuu namoota akkasiitiif lafumaa ka'ee waanti ta'uf hin jiru. Namoota callisaniidhuma abdiidhaan waa eeganiif jireenya isaani keessatti waanti ta'u hin jiru. Barri isaaniis bilaashumatti darba.

Yoomiyyuu yoo ta'e jireenyakee keessatti filannoolee lama qabda. Inni duraa hanga wantoonni milkaa'anitti eeguu yookiin immoo wantoonni akka ta'an gochuudha. Hanga wantoonni ta'anii haalli siif mijaa'utti kan eegdu yoo ta'e %99 waanti eegdu sun abadan hin ta'u. Filannoo inni dansaan irriba keessaa dammaqxee jieenyakeef ittigaafatamummaa fudhachuudha. Mataakeetti akkas jedhiitii himi. "Anatu akka ta'u gochuu qaba."

Waaqayyo simbirroolee hundaaf nyaata ni kenna. Garuu man'ee isaanii keessa hin kaa'uuf. Jireenya isaaniitiif ittigaafatamuummaa akka fudhataniif aangoo kenneefii jira. Battaluma namni kan biraan jireenyakeef furmaata akka kennu eeguu dhaabdu injifannoon harkakee galti.

Teessee waan dhufu hin fudhatiin. Waan argachuu barbaaddu adamsi. Namootni jireenya isaaniitti milkaa'an kanneen dhimma isaaniif ittigaafatamuummaa mataa isaanii fudhataniidha.

Waan akeekkatte rukutuu yoo dadhabde dogoggorakeef carrakee

Scanned by CamScanner

yookiin namoota kan biroo balaaleeffachuu ni dandeessa. Haalli kun garuu bu'aa ati silaa argachuu feete hin fooyyessu. Dadhabinakeef waan sababa ta'e matumakee irraa barbaadi. Akkuma milkaawwiikeef dhaadattu dadhabinakeef ittigaafatamummaa fudhadhu.

Wayita jireenyakeef ittigaafatamummaa fudhattu waanti maadeeffachiisaan yookiin waanti raajiin uumamuu jalqaba. Wayita gara alaa ilaaluu dhaabdu jireenya kee fooyyeessuf walaba taata. Umurii dheeraan kennaa Waaqayyooti. Jireenyi guutuu yookiin hanquu akka ta'u kan godhu garuu matuma keet.

Ogummaa jireenyakeef barbaachisu erga fooyyeeffattee booda, sammuukee tasgabbeessi. Akka maandisa hireekeetti, kunuunsaa jireenyakeetiillee ta'uu qabda. Kunuunsi ati mataakeef gootun wayita ilillii haaraan guyyuu oyiruu kee keessatti daraaru argita. Ililliileen kunniin ilillii/abaaboo ati daandiikee cufa irratti injifachuutti kan jirtu ta'uu kee dhugaa ba'aniidha.

Scanned by CamScanner

Isa caaluuti darbuuf jira ameen!!!

Scanned by CamScanner

KITAABA 2ffaa

OGUMMAA JIREENYAA (1- 29)

Scanned by CamScanner

Isa caaluuti darbuuf jira ameen!!!

Scanned by CamScanner

OGUMMAA JIREENYAA

Barreefamni armaan gadii kun kitaaba Baaltaasaar Giraashiyaanii (1601 – 1658) **The Art of Worldly Wisdom** jedhamu irraa hiikame. Baaltaasaar Giraashiyaaniin faalaasamaa beekamaa biyya Ispeen ture. Barreeffamoonni Giraashiyaanii mata-duree mata-dureedhaan gaggabaaboo ta'anii dhugaa dachee kana irra jiru kan ibsaaniidha. Namootni amantii, Girrashiyaaniidhaan barreeffamni kee haadhaa dammaan sukkuumameedha jedhanii balaaleeffataanii turan. Haa ta'u malee gorsa Giraashiyaanii kana immoo namoota isa morman caalaatti kan dubbisee itti fayyadame hin jiru jedhama. Hedduun fuula namaatti isa balaaleeffatanis dhoksaatti kiisii isaaniitti garuu kitaaba isaa baatanii akka naanna'aa turan haayyoonni seenaa mirkaneessaniiru. Gorsi Giraashiyaaniin kenne sunniin jireenya dhala namaa wajjin hariiroo jabaa kan qaban waan ta'aniif wayita dubbisantillee baay'ee namatti mi'awu.

1. **Nama guddaa ta'i.** Nama nama caaluu ta'ee kan dhalate hin jiru. Nama guddaa akka taatuf guyyuu mataa kee fooyyeessi.

Scanned by CamScanner

Ol'aanaa ta'uukee dandeettii filannoo keetiin akkasumas waa raaw'achuuf fedhii jabduu qabduun mirkaneessuu ni dandeessa. Namootni tokko tokko gonkumaayyuu nama guutuu ta'uu waan hin dandeenyeef yeroo hundumaa akka waanta waa isaan keessaa hanqatetti dachee kana irra deddeebi'u. Kaan immoo mataa isaanii ijaaruuf yeroo dheeraa isaanitti fudhata. Hojii isaaf dubbii isaatiin qalbi-qabeessa namni ta e gamtaa beekamtootaatti kabajaadhaan afeeramee gala.

2. Hoogganaa kee kan caaltu fakkaattee hin mul'atin

Caalamuu kan barbaadu hin jiru. Caalamun jibba uuma. Hoogganaa ofii caalanii mul'achunimmoo yaada gowwummaa ta'uu isaa irras balaa fidu qaba. Angawoonnifi namootni sadarkaa olii irra jiran caalamuu baay'ee jibbu. Kanaaf cimina kee dhoksii qabadhu. Amalakeetiin nama gaarii taatee yoo isaan caalte namootni waa hin dubbatan ta'a. Garuu, eenyuyyuu beekumsaan caalamee mul'achuu hin fedhu. Beekumsi, ol'aantummaa agarsiisa. Angawoonni immoo waan ol'aantummaa agarsiisu kanaan ol'aanaa

Scanned by CamScanner

fakkaatanii mul'achuu barbaadu. Kanaaf seera kana cabsitee yoo ofi mumul'istee yakka kan dalagde ta'uu kee hubadhu. Wantoota barbaachisoo ta'an kaan irrattis angawoonni ol'aantoota ta'anii argamuu barbaadu. Wayita nama tokko gorsitullee waanta inni iraanfate nama yaadachiisuutti jiru fakkaadhu malee waanta inni hin beekne itti himuutti nama jiru hin fakkaatiin. Beekumsa kana urjii irraallee barachuun ni danda'ama. Urjiileen hargam ifanillee aduu caalaatti ifuf hin uggan.

3. **Tooftaa waa itti hojjettu yeroo yerootti gegeeddari.** Filannoolee hedduu fayyadami. Filannoolee garaagaraa fayyadamuun kee dorgomtoonni kee maal akka isaan barbaadan akka beektu sigodha. Isaan garuu kallattiikee akka hin beekneef burjaajii itti uuma. Yoo kaayyookee dursitee beeksifte kaan sidursanii adeemsa kee fashaleessuu danda'u. Simbirroo kallattii tokko irra barrifturra simbirroo kallattii ishee jijiijiirtee barriftu xiyyaadhaan waraanani ajjeesuun namatti ulfaata. Waanti gadheen yeroo hundumaa riphxee kan haala eeggattu ta'uu ishee hubadhu. Kanaaf

Scanned by CamScanner

jalaa miliquudhaaf abshaaloom. Namni cheezii taphatu akka mormatan isaa barbaadutti hin taphatu.

4. **Waan hundumaa tuttuquu irra waan tokkotti jabaadhu.** Waanti sadarkaan isaa ol'aanaa ta'e baay'ina isaatiin utuu hin ta'in qulqullina isaatiin madaalama. Waanti tokko yoo baay'ate gatii isaatu xinnaatu. Waanti baay'inaan hin argamne garuu gatiin isaa qaaliidha. Ogummaa irraa barachuuf utuu hin ta'in akka waanta ulfina kaasuuf barbaadamutti yaaduudhaan namootni tokko tokko kitaaba furdina isaafi baay'ina fuula isaatiin dinqisiifachuu hedu. Waan hundumaa ta'uu barbaadun waanuma tokkollee akka hin taanee nama godha. Waan qabatan tokko irratti jabaachuun gara guddinaatti nama geessa. Yoo waanti ati hojjettu barbaachisummaan isaa dabalemmoo nama beekamaallee taata.

5. **Namoota carra-qabeeyyiitti butadhu, kanneen carra-maleeyyii ta'an irraa fagaachuuf immoo eenyufaa akka ta'an dursiitti beekiin.** Carraa gadheen wallaalummaa irraan kan ka'e namatti dhufuu dandeessi. Carraalee gaggadhee

Scanned by CamScanner

hedduutu mana kee seenuuf balbala kee jala riphee haala mijataa eeguutti jira. Carraa gadheen kamillee mana kee akka hin seenneef abadan balbala hin saaqiiniif. Asirratti, xabichi kaartaalee harka kee keessa jiran gidduudhaa isa kamiin fuutee gatuu akka qabdu beekuu kee irratti hundaa'a. Kaartaan xinnichi ati ittiin mo'utti jirtu kaartaa guddicha barbaachisaadha jedhamu ati ittiin mo'amutti jirtu irra gatiidhaan ni caala. Battala ta'uu baatullee abshaaloonni gara maayeessaa irrattii injifachuun isaanii waan hin oollef waan gootu wallaaltee wayita shakkiin sirratti bargaanfatu waan namootni qalbi-qabeeyyiinifi abshaaloonni godhan hordofi.

6. **Dubbii yoom dhiisuu akka qabdu beeki.** Mala jireenyaa keessaa dhimmi guddichi tokko yeroo kamitti mormii kaasuu akka qaban beekuudha. Hariiroo namootaa wajjin uumtu irratti of to'adhu. Hojiileen yeroo akka qiinqanii nyaatan baay'een ni jiran. Hojiilee akkasiitiin qabamuu irrammoo waanuma tokkollee hojjechuu dhabuu wayya. Abshaala ta'uu jechuun dhimma namaa keessa galanii laaquu dhabuu,

Scanned by CamScanner

namootni kan biroonis dhimma kee keessa akka hin galle dhorkuu danda'uu jechuudha. Waa'ee namoota kan biroo utuu dhiphattuu ofiikeef utuu hin ta'in akka hin hafnef of eeggannaa gochuu qabda. Iriyoota kee hin jeeqiin. Fedha isaaniitiin kennuu kan danda'an caalaatti hin gaafatin, waanti hundumtuu yoo baay'ate ni hadhaa'a. Hariiroon ati iriyoota kee wajjin qabaattus kabajaa irratti kan hundaa'e ta'uu qaba. Hariiroon kabajaa waliif qabaachuu irratti hundaa'e umurii dheerata. Waan gaarii jaalachuuf walabummaa qabaadhu. Waan hin jaallannemmoo gonkumaa nan jaalladha hin jedhin.

7. **Ciminni kee maal akka ta'e beeki.** Cimina ofii beekuun kennaa guddaadha. Cimina kee kana kunuunsi, dandeettii kee kaanis. Namni tokkoon tokkoon isaa utuu kennaa isaa isa jabaa beekee sadarkaa ol'aanaa irra ga'a ture. Kanaaf kennaa kee beeki. Kennaa kee kanas hojii irra oolchi. Namootni tokko tokko obsa jabaa qabu. Kaan immoo waan bor dhufu dursanii raajuu ni danda'an. Namootni hedduun garuu callisanii sammuu isaanii waan cinqaniif waanuma

Scanned by CamScanner

faayidaa qabu tokkollee utuu hin hojjetiin barri darba. Miira isaaniitiin oofamanii of gowoomsaa umurii isaanii kan fiixan ta'uu isaanii namoota kanniinitti dhuma irratti kan itti himu *yeroodha*.

8. **Mo'uutti utuu jirtuu dhaabi**. Kun qajeelfama namoota qumaara xabachuun beekamoo ta'aniit. Utuu injifachuutti jiranii duubatti deebi'un fuulduratti deemanii diina rukutuu wajjin wal fakkaatti. Kanaaf utuu mo'uutti jirtuu yookiin waanti ga'aa ta'e harkakeetti erga galfattee booda waan qabatte fudhadhuutii badi. Hiree gaariin yeroo dheeraaf yoo si wajjiin turte shakkuu qabda. Waanti gaariifi gadheen yeroo duraafi aanteen dhufan gaariidha. Jireenyiyyuu jal'attee deebitee immoo wayita qajeeltu mi'oofti. Hireen yeroo dhuftu jabina ishee irraa kan ka'e waan hundumaa caccabsiti. Garuu immoo yeroo dheeraafis siwajjin yoo turte dadhabdee bututuu kan eegaltu ta'uu ishee qalbifadhu.

9. **Jaalala namootaa gonfachuuf yaalii godhi**. Namoota biratti beekamtummaa gonfachuun gaarii ta'us hunda irra kan caalu garuu arjummaa isaanii argachuudha. Asirratti,

Scanned by CamScanner

shoorri carraa guddaa ta'ullee waantichi of eeggannaa ati gootuun ittifufiinsa qabaachuu danda'a. Argachuu yoo barbaadde kenni. Waan gaggaarii hundumaa namaaf godhi. Arrabni kee waan gaarii haa dubbatu, waan gaariis namaaf ooli. Jaalatamuf jaalladhu. Ayaatni (gaarummaan amalaa) meeshaa namootni guguddotiin nama ittiin mo'aniidha. Hojii gaarii hojjedhu. Waan dansaa babarreessi. Goraadee qabattee adeemuu irra qalama qabadhu.

10. **Abshaala ta'i, garuu sadarkaa kee beeki.** Dandeettii qabaachuun namoota biratti shakkii uuma. Dandeettii qabaachuu keetiin hin dhaadatiin. Waan keessa kee jiru kana dhoksi. Keessattiyyuu fageessitee kan ilaaltu ta'uu kee namni sirratti hin beekiin. Gochaa hamaan dachee kana irra jiru lakkaa'amee waan hin dhumneef of eeggadhu. Haa ta'uyyuu immoo malee tarkaanfii adeemtu hundumaa ofi eeggannaadhaan kan deemtu ta'uu kee yoo beekan amantii sirra kaa'an deebisanii sirraa mulquu waan danda'aniif ofi eeggannaan kan hojjetu ta'uu kee namiyyuu sirratti hin beekiin, dhoksi. Nama nama shakkitu ta'un kee yoo beekame

Scanned by CamScanner

ni jibbamta. Kaanis haaloo isaanii akka sirratti ba'aniif isaan kakaasuu dandeessa. Gama kanaan rakkoo ati hin yaadne sitti fida. Kanaaf waan gootu hundumaa dursitee yoo itti yaadde ni fayyadamta. Kunimmoo safartuu dandeettii waa madaaluuti.

11. **Jibbakeef daangaa tolchi.** Waan gaggaarii isaan godhan utuu hin beekiin namoota tokko tokko calluma jennee jibbina. Si'a tokko tokko gochaa gadhummaa kana gara namoota bebbeekamoottillee ni qajeelchina. Kanaaf, namni qalbi-qabeessi amala gadhee kana sirreessuu qaba. Namoota gaarii jibbuu irra waanti waaroo salphinaa namatti uwwisu hin jiru. Namoota guguddaa wajjin wayita waliigallu akkuma tabaroo argannu yeroo isaaniin morminu immoo salphina uffanna.

12. **Eenyummaan kee bilchina ati qabduun madaalama.** Maalummaa waan tokko kan madaalu ala/bakkee isaa utuu hin ta'in keessa isaati. Gamoon tokko tokko fagoodhaa wayita ilaalan alli/bakkeen isaa baay'ee bareeda. Keessi isaa garuu hanga godoo illee hin miidhagu. Haalli namoota tokko

Scanned by CamScanner

tokkoos akkasuma. Namootni akkasii nagaa erga gaafatan booda waan dubbatan wallaalu. Yaada uumuu waan hin dandeenyeef waanti dubbatan harkaa bada. Namootni kunniin nama fagoodhaa isaan ilaalu gowoomsan illee, nama dhiyaatee keessa isaanii ilaale garuu gowoomsuu hin danda'an.

13. **Nama hojiif ijibbaatufi ogeessa ta'i.** Ogeessi waan yaade ijibbaata godhun galmaan ni ga'a. Warri gowwaan jarjartii waan jaallataniif gufuu isaan fuuldura jiru qalbifatanii utuu hin ilaaliin dhimma isaanii of eeggannoo malee hojjetu. Si'a tokko tokko waanti ati hojjettu kan itti yaadame ta'ullee hordoffii gochuu dhabuukeetiin utuu hin milkaa'in hafa. Waan cufaaf qophiin haadhoo hiree hundaati. Waan tokkollee boriif haa bulu jedhanii dhiisuu dhabuun amala gaariidha. *Suuta jedhanii ariifachuu* yaadni jedhu qajeelfama jireenya keetii haa ta'u.

14. **Obsa beeki.** Gonkumaa hin ariifatiin. Ariitiin miira kee hin mo'in. Jalqaba gooftaa mataa keetii ta'i. Itti aansitee gooftaa namoota biroo taata. Firii ijibbaata keetii argachuuf xurree

Scanned by CamScanner

yeroo irra deddeebi'uu qabda. Ogummaadhaan suuta tarkaanfachuun daandii milkaawina jireenyaatti nama geessa, hireeleen dhokatanis bilchaatanii fuulleetti akka ba'an godha. Waan tokko raaw'achuuf yeroo caalaatti kan humna qabu hin jiru. Rabbillee alangaadhaan utuu hin ta'in yeroodhaan nu adaba. Mammaaksi, *Buqqeen barri tolef dhagaa cabsa* jedhu akkam dinqiidhaa! Kanaaf hireen, namoota obsaan ishee eeganiif badhaasi ishee guddaadha.

15. **Dhimma kee suuta raaw'adhu.** Waan tokko bilcheessanii hojjechuun mataa isaatti waan sana dafanii akka hojjechuutti lakkaa'ama. Manni ariifatanii hojjetan dafee akka jigu beekamaadha. Kanaaf waanti ati fullaa'ina akka qabaatu barbaaddu yoo jiraate yeroo fudhadhuutii hojjedhu. Waanti aarsaan itti hin kaffalamne qalbii namaa hawwachuu hin danda'u. Hojii gaariin ifaajjii jabaadhaan dhalata. Bu'aan akkasiin argamemmoo faayidaan isaa fullaa'adha. Fakkeenya kana gara albuudootaatti yoo fidnellee, gosa sibiilootaa gatiin isaanii qaalii ta'e baqsuf yeroo dheeraa kan fudhatu

Scanned by CamScanner

ta'uu isaa beekta.

16. **Namoota si bira jiran fakkaadhu.** Namoota hundumaatti karaa walfakkaataadhaan itti hin dhiyaatiin. Waan tokko raaw'achuufis humna waanti sun gaafatu caalaatti hin dhangalaasiin. Beekumsikees ta'e humni kee bilaashatti baduu hin qabu. Yoo qalbii namootaa hawwachuu barbaadde waan qabdu hundumaa battala tokkotti hin agarsiisiin. Yoo dandeettii kee suuta suuta agarsiifte qalbii namootaa hawwattee qabachuu kophaa utuu hin ta'in daangaan dandeettii keetii illee hanga eessaatti akka ta'e tilmaamuu akka isaan hin dandeenye goota.

17. **Waan gaarii ta'e hundumaatti caaltee argamuf yaalii godhi.** Waan hundumaa irra kan caalu dhimma kanadha. Waanti inni hojjete gaarii tokko waan jiruf gootni goota jedhama. Akkuma uummata isa akka hoomaa looniitti wal faana yaa'u yoo taate fudhatama adda ta'e hin argattu. Waan tokkoon caalinee argamuun keenya kashalabbummaa irraa kan nutiksu ta'uu isaa irra gurmuu hawaasaa callisee jiraatu irra ol'aantoota akka taanu nugodha. Waan xinnootti maqaa

Scanned by CamScanner

ol'aanaa argachuun immoo faayidaa hin qabu. Wantoota gaggaarii hojjetanii maqaadhaan ol'aanuun beekamtummaa nama gonfachiisuu isaa irra kabajaan namaaf argamsiisa.

18. **Meeshaalee gaariitti fayyadami.** Namootni tokko tokko meeshaalee gadheetti fayyadamuudhaan abshaala ta'uu hawwu. Kun yaada hamaa waan ta'ef adabamuu qaba. Hooggayyuu tibba milkaawwiitti badhaasni, tibba kufaatiittiis komiin gara isa hoogganaatti qajeelfama. Wayita waanti tokko milkaa'u kan maqaa argatu hooggantoota. Kun sababa qaba. Wayita hoogganichaaf waanti tokko milkaa'u namootni, "Hojjettoota gaggaarii qaba ture," yookiin, "Hojjettoota gaggadhee qaba ture," jechu irra, "Inni nama gadhee ture," jedhu. Ilaalchi kun galatni hoogganaaf hin malle hoogganaaf akka ta'u gochaa turee jira, bara kanas gochuutti jira. Maqaa barabaraaf hin duune namoota of jala naqxee jirtun kan argattu waan ta'ef jarreen kanniin ofi eeggannaadhaan qabadhu.

19. **Yeroo hundumaa hin qoosiin.** Namni yeroo hundumaa qoosu kabajaa argachuu hin danda'u. Waanti inni haasa'us

Scanned by CamScanner

waan hin amanamneef akka sobduutti lakkaa'ama. Namichi hooggayyuu waan qoosuuf nu gowoomsa jennee yaadine amanuunii rakkanna. Waanti gadheen gadheerra caalu hooggayyuu qoosuudha. Namootni tokko tokko qoosaa kan beekan ta'uu isaaniitiin beekamoo ta'anillee waa'een qalbi-qabeessummaan isaanii garuu yeroo baay'ee shakkisiisaa ta'a. Kolfi yeroo qabaatus mataa ofii wajjin haasa'ufis boqonnaa qabaachuunis dirqama.

20. Diinoota keetti fayyadamuu beeki. Waan tokko gama qara isaatiin qabu irra karaa qabannoo isaatii yoo qabde da'oo siif ta'a. Faayidaa gowwaan iriyoota isaa irraa argatu irra faayidaa ogeessi diinoota isaa irraa argatutu caala. Namootni hedduun humna diinoota isaaniitiin faayidaa gaarii argatanii jiran. Sobanii afaaniin nama faarsuun jibba caalaatti hamaadha. Sababiin isaa jibbi ofi sirreessuuf nama gargaara. Qalbi-qabeessi dadhabina isaa sirreessuuf jibba akka daawwitiitti fayyadama. Ofi eeggannaa jabaa kan goonus olla gadhee yoo qabaaneedha.

21. Namoota arrabaan hin tuttuqiin. Namootni uumama

Scanned by CamScanner

isaaniitiin waan hundumaa akka yakkaatti lakkaa'an ni jiran. Namootni akkasii kunniin hundumaa yakku. Namootni tokko tokko utuma yakka hojjechuutti jiranii, namoota kaan immoo fuulduratti waan gadhee hojjechuun isaanii hin hafu jedhanii dursanii xureessuun. Namootni akkasii uumama gadheefi afuura hamaadhaan kan guutamaniidha. Jarreen kunniin baay'isanii hamoo waan ta'aniif jireenya jannataa gara Sii'olitti jijjiiruu ni danda'an. Namootni amala gaarii qaban garuu waan hundumaaf dhiifama gochuu ni danda'u. Namootni kaan utuu waa hojjechuutti jiranii yoo dogoggoranillee utuu hin beekiin dogoggoran jedhu malee hammeenya yaadanii dogoggoran hin jedhan.

22. Gonkumaa falmii keessa hin galiin. Namoota simorman wajjin wayita falmiitu maaqaa gaarii qabdu dhabda. Inni siin mormu hanqina ati qabdu kaasee si busheessa. Namootni waraana dhugaa oofan lakkoobsisaanii xinnoodha. Maqaan gaariin namni tokko qabu hanga namni isaan mormu tokko cinaa isaa ga'u kophaatti fulla'a. Namni sitti inaafu wantoota irraanfataman soqee baasuuttillee duubatti hin

Scanned by CamScanner

deebi'u. Namootni namaan morman haaloo bushaa'aa ta'e nama irratti ba'u isaaniitiin gamatti faayidaan isaan argatan tokkollee hin jiru. Waa'ee mataa keetii hin dubbatiin. Waa'ee mataakeetii wayita haasoftu ofi xixinneessuu yookiin ofi faarsuutu sirraa eegama. Haa ta'u malee ofi faarsuun gadhummaa wayita ta'u, ofi gad xinneessuun immoo gowwummaadha. Waan kana yoo raaw'attee hubannaan kee hir'uu akka ta'e agarsiifta. Waa'ee mataa ofii haasa'un bifa kamiiniiyyuu balaaleeffatamuu qaba. Uummata fuulduratti waa'ee mataa keetii haasa'un kee akka gowwaatti silakkoofsisa malee waan dabalu hin qabu. Waa'ee namoota fuula kee dura jiranii haasa'unis baay'ee sin galateeffachiisu. Sababiin isaa baay'ee isaan leellistee yookiin immoo baay'ee isaan salphistee rakkina fiduu dandeessa waan ta'ef.

23. **Gowwaa jechuun nama hojii gowwaa hojjetu qofa hin ta'in, nama hojii gowwummaa isaatii dhoksuu hin dandeenyeedha.** Namni tokko jabina koo naaf beekaa jedhee waaciluu akkuma hin qabne, dadhabina isaa immoo caalaatti dhoksuu qaba. Eenyuyyuu ni dogoggora.

Scanned by CamScanner

Garaagarummaan isaa garuu ogeeyyiin dogoggora isaanii wayita dhoksan gowwoonni garuu dogoggora hojjechuuf jedhanii dursanii odeessu. Maqaa gaariin waan namootatti agarsiifnu caalaatti waan namoota dhoksinu irratti hundoofti. Dogoggora namoota guguddaa baasuuf hundatu xiyyeeffatee eeggata waan ta'ef dogoggora kee iriyaa keettillee himuu hin qabdu. Garuu immoo kun ta'uu waan hin dandeenyeef "Irraanfachuu" waan jedhu qajeelfama kee godhadhu.

24. Kophaa fayyaa ta'uu irra hundumaa wajjin maraachuu wayya. Kun jecha namoota siyaasaati. Yoo hundumti maraatuu ta'an hundumaan qixxee taata. Yoo kophaakee fayyaa taate garuu akka maraattuutti lakkaa'amta. Waaanti barbaachisaan gara qilleensichi qilleensa'etti qilleensa'uudha. Si'a tokko tokko beekuu dhabuu yookiin kan hin beekne fakkaachuu wayya. Namoota kaan wajjin jiraachuu qabna. Namootni wajjin jiraannu kunimmoo baay'een isaanii jufunfula. Kophaakee jiraachuuf binecnsa yookiin waaqa isa si'uume fakkaachuu qabda. Haa ta'u malee

Scanned by CamScanner

gowwummaadhaan namootni kaan irraa adda fakkaachuu barbaadan ni jiran.

25. **Quba kee ishee madooftuu dhoksi. Ta'uu baatnan garuu namootni quba kee madooftuu kana tuttuqu.** Waa'ee madaakeetii gonkumaa hin hadheeffatiin. Waanti gadheen yeroo hundumaa waan nudhukkubu yookiin nudadhabsiisu irratti xiyyeeffata. Nama aaree jiru yoo fakkaatte kaan caalaatti sitti ga'isu. Hammeenyi yeroo hundumaa dadhabinakee barbaada. Madaakeetti muka horfuf immoo daandii kuma beeka. Abshaala yoo taate agiboof iddoo hin kennitu. Rakkina dhuunfaa keetis ta'e kan mataa keetii ni dhoksita. Hireen illee kan isheen rukutuu barbaaddu bakka si dhukkubuudha. Kanaaf waan si sodaachiisuufi waan si gammachiisu hin ibsiin. Guyyaa gadheen akka darbuf, inni gaariin immoo siwajjin akka turuf kana gochuu qabda.

26. **Gad fageenyaan ilaali.** Wantoonni baay'een akka bakkeedhaa mul'atan miti. Namoota baay'ee ofi faana hiriirsitee addaggummaa isheetiin bakka mara dursitee kan geessu soba/kijiba. Dhugaan garuu foqoqaa dhuma irratti barfatee

Scanned by CamScanner

bakka ishee qaqqabdi. Namootni qalbi-qabeeyyiin garuu gurra lama waan qabaniif galateeffachaa dhaggeeffatanii gurra tokko dhugaadhaaf kennu. Kijibni sardamaa waan deemtuf jarjartoonni dafanii kijibaa wajjin warroomu. Qalbi qabeeyyiin ishee haa qaqqabaniif jecha garuu dhugaan karaa irraa maqxee riphxi.

27. **Inaaftufi goomattuu/weennoo mo'i.** Kabaja kennuun gaarii ta'ullee namoota kanniin tuffatanii bira darbuu kophaan ga'aa miti. Namni tokko waa'ee kee waan gadhee dubbatullee ati garuu gama keetiin waa'ee isaa waan gaarii dubbadhu. Kun si'if kabajaadha. Hojiifi dandeettiidhaan inaaftoota irratti haaloo ba'ufi gidiraa agarsiisuu kan fakkaatu hin jiru. Injifannoon kee tokkoon tokkoon ishee namoota waan gadhee sii hawwaniif gidiraa wayita ta'u, kabajaan ati argattu immoo diinoota keetti sii'olii itti ta'a. Namni inaaffaadhaan gubatu adaduma namni inni jibbu milkaa'ufitti du'a. Namni inni jibbu ulfina fullaa'inaa argate jechuun inaaftichaaf gidiraa barabaraat. Xurumbaan nama tokkoof kabajaan barabaraa yeroo afuuftu, inaaftutti garuu-

Scanned by CamScanner

gidiraa barabaraa murteessiti.

28. **Nama waan dhabu tokkollee hin qabne wajjin hin dorgomiin/hin morkatiin.** Dorgommiin akkasii haqa irratti kan hundaa'e miti. Sababiin isaa dorgomaan inni tokko waan dhabu tokkollee waan hin qabnef waanti inni sodaatu hin jiru. Namni kun waan hundumaa nama dhabe waan ta'ef dorgommii cimtuttillee kutannoodhaan gala. Kanaaf maqaan kee nama akkasiitiin akka hin xuroofneef ofi eeggannaa godhi. Maraatuun yoo sirukute deebistee rukuttaa? Maqaa kee tolchuuf kan sitti fudhate bara dheeraa ta'uu danda'a. Maqaa ijaaruuf umurii dheeraa sitti fudhate kana garuu yeroo gabaabduu keessatti dhabuu dandeessa. Kabajaa yeroo keessa argame kana waanti xinnoon battalatti borxoxxeessuu ni dandeessi. Qalbi-qabeessi balaa fuuldura isaa dhaabatu ni hubata. Namni kun waan maqaa isaa xureessu ni beeka. Wayita namatti dhihaatus qalbiffannaadhaan waan tarkaanfatuf ogummaan akka isa tiksituf yaada qalbii isaaf iddoo kenna. Abbaa mirgaa-ta'anillee mataa ofii injifachisuudhaan waan dhaban

Scanned by CamScanner

deebisuun hin danda'amu.

29. **Nama dinqisiifachuu bari.** Hooggayyuu namni nama kaan irra caalu jira. Akkasumas immoo namni sadaffaan nama kana irra caalu immoo jira. Namoota jiran tokkoon tokkoon isaaniitti gammaduun waan gaariidha. Gaarummaa namoota hundaa kan hubatu ta'uu isaa irra waan tokko bareechanii hojjechuuf hammam ulfaataa akka ta'e waan beekuf ogeessi hundumaa kabaja. Hamma tokko wallaalummaa isaa irraa kan ka'e, gama biraatiin immoo yeroo hundumaa waan gadhee waan filatuf gowwaan namoota kaan jibba.

Isa caaluuti darbuuf jira ameen!!!

Scanned by CamScanner

Atis injifachuu ni dandeessa!

Jireenyi bara kanaa baay'ee walxaxaa waan ta'ef qabsoon jireenya irratti adeemsifamu daran ulfaataa ta'ee jira. Jireenya ulfaataa ta'e kana keessa akkamitti hulluu akka dandeenyu dhaabbatni nu barsiisu waan hin qabnef baay'een keenya meeqa yaallu jennee gabsichatti seenna.

Irra aanuu malee, jireenyi akka isa jilbeenfachiiftu kan fedhu hin jiru. Injifannoon immoo bilisa ijaajjiiti malee carraa miti. Namni injifannoo barbaadu dura dhama'u qaba. Garuu immoo dadhabinaafi cimina keenya addaan baasteen hin beektu. Taanaan akkamitti injifannoo galmeessuu dandeessaa? Kitaaba kana dadhabina keenya irra aantee waraana jireenyaa akkamiin akka mootu sirriitti siif tarreessiti.

Isa caaluuti darbuu jira ameenii!

Scanned by CamScanner